



## Doktar Abiyyi Ahmad pirojektota misoomaa hojjetamaa jiran qorachuuf Jimma galan

**Jimma:** Ministirri Muumme RFDI Doktor Abiyyi Ahmad pirojektota misoomaa hojjetamaa jiran qorachuuf kaleessa Jimma dhaqan.

Dokta Abiyyi Ahmad waliin Giiftidaaree Zinnaash Taayyaachoo, hoggantoota mootummaa Federaalaafi naannoo biroon Jimma galuusaanii ragaan Waajjira Ministira Muummeerra argame ni mul'isa.

## Hanqina humna elektirikii Itoophiyaa furuuf shoorri Pirojektii Koyishaa olaanaadha

Riippoortara Gaazexichaan

**Finfinnee:** Hanqina humna elektirikii Itoophiyaa furuu keessatti shoorri pirojektii madda anniisaa elektirikii Koyishaa olaanaa ta'uun ibsame.

Gareen gaazexeessitoota biyyattii Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaan durfamu ijaarsi pirojektii madda anniisaa elektirikii meegaa waattii kuma tokkoofi 800 maddisiisuu danda'uu sadarkaa gaariirra jiraachuu tibbana daaw'ateera.

Suurri: Agapphee Giyooniin



Gara fuula 13tti

Pirojektii madda anniisaa elektirikii Koyishaa




## Tajaajila

Lammummaan hojiiwwan qarshii biliyoona 163.4 olli hojjetaman

Riippoortara Gaazexichaan

**Finfinnee:** Oromiyaatti bara 2015 tajaajila lammummaan hojiiwwan qarshii biliyoona 163.4 ol hojjetamuu Pirezidaantiin

Gara fuula 13tti

## Obbolummaa

ummata Oromoofi Gambeellaa cimsuuf hojjetamaa jira

- Ayyaana Irreecha naannolee ollaatti bifa ho'aan kabajuuf qophii bal'aan taasifamaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Obbolummaa ummata Oromoo, Gaambeellaafi Beenishaangul Gumuz cimsuuf xiyyeeffannaan hojjetamaa akka jiru Waajjirri Nageenyafi Misooma Waloo Mootummaa Naannoo Oromiyaa,

Gara fuula 13tti



# ODUU



Pirofeesar Birhaanuu Burjii

## Hojii eegaluun tarbaayinoota shanan hidha Laga Abbayyaa dinagdee gaanfa Afrikaaf murteessaadha Gammachuu Kadiiriin

**Finfinnee:** Tarbaayinootni shanan hidha Laga Abbayyaa bara kana hojii eegalchiisuuf karoofaman guddina dinagdee waloo gaanfa Afrikaa dhugoomsuuf murteessoo ta'uu hayyuun dinagdee Yunivarsitii Hawaasaa Pirofeesar Biraanuu Burjii ibsan.

Pirofeesar Biraanuu Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, tarbaayinooti hidha Abbayyaa shanan barana hojii eegalan guddina dinagdee Itoophiyaa dhugoomsuurra darbee guddina dinagdee waloo gaanfa Afrikaa dhugoomsuufu shooraa olaanaa qabu. Guddina dinagdee waliin hordofee bu'aan argamu nagaafi tasgabbiin gaanfa Afrikaafis barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.

Itoophiyaan biyyoota gammoojjii Shahaaraa gadii dhiyeessii anniisaa elektirikii isaanii gadaanaa ta'an keessaa ishee tokko ta'uu eeranii; ta'us tarbaayinootni hidha Abbayyaa ijaaramaa jiruu gaafa hojii eegalu Itoophiyaa keessatti addaan cituu anniisaa hambisuun uwwisni anniisaa elektirikii biyyattii daran akka dabalu taasisa jedhaniiru.

Omisha anniisaa elektirikii biyya keessaarraa qoodamee biyyoota ollaatti erguun hanqina sharaafa alaatiif furmaata akka ta'u himanii; sharaafa alaa argamuun guddina dinagdee ni si'eessa jedhan. Galii argamuun meeshaalee ijaarsaa, geejjibaa, daawwaafi barnootaa, guddistuu callaa qonnaaf barbaachisan bituun omishaafi omishtummaa dabaluun guddina dinagdee akka dhugoomsu ibsaniiru.

Warshaaleen dabareedhaan hojjechuun hafee osoo addaan hincintin hojii misoomaa akka finiinsan taasisuun carraa hojii dhabdummaa jiruuf fala ta'a jedhaniiru.

Biyyootni ollaa Itoophiyaa anniisaa elektirikii Itoophiyaarraa argataniin uwwisa anniisaa elektirikaasaanii akka dabalu taasisa. Hidhichi Itoophiyaafi biyyoota ollaa isheetti bu'aa dinagdee mirkaneessuurra darbee balaa lolaan dhaqqabu hir'isuun guddina dinagdee waliinii cimsuuf shooraa olaanaa akka qabus dubbataniiru.

Biyyeen gaarreen Itoophiyaarraa lolaan dhiqamee gara biyyoota yaa'a gara gadii Sudaaniifi Gibxitti yaa'u qonna jallsii jirbii, shonkooraafi kuduraafi muduraa bitaafi mirga lagichaa jiru mancaasaa turuus yaadachiisaniiru.

Hidhi Aswaaniifi Seenaar timaan akka guutamu taasisuun anniisaa elektirika maddisiisuurratti dhiibbaa dhaqqabaa turuufi rakkoo kana maqsuuf baasii guddaa baasaa turuu eeranii; hidhichi ijaaramee gaafa tarbaayinootisaa guutummaatti hojii eegalan rakkoolen akkasii akka hafan himaniiru.

Hoggansa qabeenya bishaanii hidhichaarratti gaggeeffamuun baatiilee bishaan baay'atu akka hinmiidhamne, baatiilee bishaan yaratu bishaan ga'aa akka argatan taasisuun guddina dinagdee Itoophiyaafi biyyoota ollaa ni mirkaneessa jedhaniiru.

## Oromiyaatti barattoota karoorfaman miliyoona 11.4 keessaa miliyoona 10.8 galmaa'aniiru

### Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Oromiyaatti bara barnootaa 2016tti barattoota miliyoona 11.4 galmeessuuf karoorfame keessaa hanga ammaatti barattoota miliyoona 10.8 galmeessuusaa Biiron Barnoota Oromiyaa beeksise. Ijaarsa manneen barsiisotaa 4,052 eegalaman keessaa kanneen xumuraman jiraachuus ibseera.

Sadarkaa hogganaa ittaanaatti Gorsaan Biiron Barnoota Oromiyaa Obbo Efreem Tasammaa Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, naannichatti hanga Dilbata darbeetti barattootni barachuuf galmaa'un miliyoona 10.8tti hiiqan galmaa'uun adeemsi baru barsiisuu haala ho'aan eegalamee adeemsifamaa jira. Kanneen hafan hammachuuf bulchiinsi biirichaa galmeessi hanga Fulbaana 16tti akka dheeratu murteesseera. Barana manneen barsiisota 4,000 ijaaruuf karoorfamanii, karoora ol manneen barsiisota 4,353 ijaarsisaanii eegalaman sadarkaa garaagaraarra jiru.

Akka isaan jedhanitti, barattootni hafan guyyoota hafan keessatti ni galmaa'u jedhamee eegama. Imaammata barnootaa haaraan barumsi guutummaatti eegalameera. Hanqina kitaabilee barnootaa mul'atan furuuf tooftaa garaagaraatu hojiirra oolaa jira.



Obbo Efreem Tasammaa

Kitaabilee barnoota sadarkaa lffaa miliyoona 27.1 maxxansuuf karoorfame keessaa miliyoonna 11 barataa harka ga'uu eeranii; dabalataanis manneen barnootaa dhuunfaa kitaabileen maxxansan akkuma jirutti ta'ee kanneen hafan hanga maxxanfamanitti sooftikoppii kitaabilee akaakuu barnoota hundaa manneen barnoota hunda dhaqqabuu hubachiisaniiru.

Kana malees, kitaabileen manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa ministeera barnootaatiin alatti maxxanfamaa jiraachuu himanii; hangasitti sooftikooppiin kitaabilee kunneenii barataa

biiraan ga'uu cinatti wayita kitaabileen maxxanfaman biyya seenan battalatti raabsuuf qophiin xumuramuu dubbataniiru.

Hanqinni barsiisotaa jiraachuu baatus akaakuu barnoota Amaariffaa, Ingiliffaafi herregaarratti hanqinni hanga tokko jiraachuu eeranii; kana furuuf ga'umsa barsiisotaa gabbisuuf wiirtuun leenjii barsiisotaa Adaamaarratti banamuu yaadachiisaniiru.

Baadiyyaa Oromiyaatti daa'imman osoo waa dubbisuufi barreessuu hin barin kutaa lffaa barumsa eegalan deeggaruuf jecha mootummaan karaa dura hinbaratamneen tajaajila lammummaatti fayyadamee baadiyyaa Oromiyaaf manneen barnootaa sadarkaa lffaa idilee duraa kumaatamaan ijaaru ibsaniiru. Gama barsiisotaan bara darbe barsiisota kuma 23 barana ammoo barsiisota kuma sagal leenjisuus kaasaniiru.

Barana qooda fudhattoota hedduun walta'uun barattoota miliyoona 7.5 ta'aniif soorata dhiyeessuuf sochiitti eegalamuus dubbataniiru.

Dandeettii dubbisuu, barreessuufi shallaggii daa'imman kutaa lffaa-4ffaatti jirani dhugoomsuuf barsiisota sadarkaa kutaalee eeraman barsiisaniin duulli torban ja'aaf turu eegalamuu ibsanii; duulichii rakkoo dubbisuu, barreessuufi shallaggii herregaarratti mul'atu furuuf shooraa guddaa qabaachuu ibsaniiru.

## Oromiyaatti hojjettoota rakkoo naamusaa uuman kuma 21 irratti tarkaanfiin seeraa fudhatame

### Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Rakkoo bulchiinsa gaarii maqsuuf sochii eegalameen bara 2015 hojjettoota rakkoo naamusaa qaban kuma 21 irratti tarkaanfi seeraa fudhachuu Biiron Pablik Sarvisiifi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa beeksise.

Hoogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Daamxoo Gammachuu Wiixata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, bara darbe manneen hojii mootummaa keessatti tajaajila si'ataa kennuun itti quufiinsa maamilaa mirkaneessuuf rifoormii bal'aatu hojjetame. Hojjettoota ittigaafatamummaasaanii qixa sirriin hinbaane kuma 21 irratti ammoo tarkaanfiin addabbii mindaa irraa eegalee hanga hojiirraa gaggeessuu fudhatameera.

Tarkaanfiin sirreeffamaa fudhatame kun kan bara 2014 kuma 24 waliin yoo walbira qabamu hanga tokko fooyya'iinsi jiraachuu himanii; karaa dubbii fixaa tajaajjilli kennamaa tures daran fooyya'uu ibsaniiru. Haaluma walfakkaatuun mootummaanis hoggantoota hedduurratti tarkaanfi fudhachuusaa eeraniiru.

Biirichi qorannoo taasisen hojjettoonni rakkoo bulchiinsa gaarii uumuun komii ummataaf sababa ta'an dandeettii raawwachiisummaa gahaa dhabuu;

teknoolojiin deeggarumuu dhabuu, dhibaa'ummaafi amala badaa calaqqisiisuun kan walqabatu ta'uu eeranii; rakkoon dandeettii raawwachiisummaan walqabatu daran xiqqaa yommuu ta'u, rakkoo ilaalchaa/ dhibaa'ummaafi amala badaa olaanaa ta'uu yaadachiisaniiru.

Hojjettoota hanqina dandeettii raawwachuu qaban leenjii ga'oomsaa turuu eeranii; hojjettoota dhibaa'ummaan itti yaadani yeroofi qabeenya ummataa qisaasessaniifi hojii salphaa ulfaachisuun matta'aa fudhachuuf abbaa dhimmaa deddeebisuun rakkoo uumaa turaniirratti tarkaanfiilee garagaraa fudhachuu dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, tajaajiloota akka fayyaa, geejjibaa, bishaan dhugaatii, lafaafi mana qopheessaarratti jijjiiramni guddaa taasifamus ammayyuu komii bal'aatu jira. Dhiyeessii daawwaafi daballii tajaajila geejjibaa madda komii hojii dabalataa gaafatudha.

Rakkoon bulchiisa gaarii magaalaa baadiyyaatti wayita ilaalamu magaalatti kan hammaatu ta'uu eeranii; haa ta'u malee, magaalotni akka Adaamaa, Bishoftuu, Baatuu, Roobeefi Shaashamaneen rifoormii guddaa keessa jiraachuu ibsaniiru. Tajaajila si'ataa kennuu keessatti godinaaleen Harargee Bahaafi Baalee akka fakkeenyaatti kaasaniiru.



Obbo Daamxoo Gammachuu

Godinaalee rakkoo nageenyaa qaban keessattis qaawwaan bulchiinsa gaarii jiraachuu dubbatanii; ta'us bara kana rifoormii bakka hundaatti diriirsuun rakkoo gurmaa'insaa, dandeettii raawwachuufi dhibaa'ummaan walqabatu hundeerree furuuf sochiin kan taasifamu ta'uu jala sararaniiru.

Hojjetaanis ta'e hoggansi sadarkaan jiru ba'aa ummataa salphisuuf miira aantummaafi tajaajiltummaan hojjechuu qaba kan jedhan Obbo Daamxoon; faallaa kanaa gocha ogummaafi itti ergama hin madaalle calaqqisiisuun garuu sirna itti gaafatamummaatti kan nama geessu ta'uun hubatamuu qaba jedhaniiru.



# Ijoo Dubbii

## Irreecha, Asxaa tokkummaafi obbolummaa

Ummanni Oromoo ummata guddaa falaasama sirna Gadaa bocachuun ittiin walbulchaa ture, ummata itita aadaa, safuufi duudhaa qabuudha. Guddummaan Oromoo baay'ina qabaachuu qofa osoo hintaane falaasama gabbataa sirna Gadaa jiruufi jireenya dhala namaa hunda, akkaataa uumaafi uumamaatiin ilaaluufi sirna dhugeeffannaa qabaachuusaati.

Jaarmiyaalee falaasama sirna Gadaa jalatti hammataman kanneen akka Guddifachaa, Moggaasaa, Gosa galchuu, Irreechaa, Meedhichaa, Michuu, Siinqee, Ateetee sirnichaa utubaa jabaa ta'an ijaaruu kan ittifayyadamaa tureefi qaroominoota guguddoo hedduu addunyaaf kan gumaachedha.

Jaarmiyaalee kanneen keessaa Irreechi aadaa, duudhaa, safuufi safeeffannaa Oromoon qabu ta'ee ayyaana guddaa Oromoon uumaasaa kan darbeef ittiin galateeffatuufi kan dhufuuf ammoo ittiin kadhatuudha. Ayyaanni kun galateeffannaa qofa osoo hintaane lafa Oromoon gamtaan walga'uun tokkummaasaa ittiin jabeeffatu, waltajjii duudhaafi safuudhaan guutameedha.

Kana malees, Oromoon saboota, sablammootaafi ummatoota wajjin jaalala, tokkummaa, obbolummaafi duudhaa waltumsaa olaanaa kan qabu yoo ta'u, Irreechis duudhaa hammatummaa kanaan kan guutameedha. Kanaafi, Irreechi faajjii tokkummaafi obbolummaa jedhamuun kan leellifamuuf.

Irreechi guyyaa galataa Oromoon Malkaa, Horaafi Tulluutti bahuun araara, dhiifama, hawwiifi milkii gaariifi badhaadhina akkasumas tokkummaasaa itti labsuudha. Irreechi sirna uumaa ittigalateeffatan ta'ee namaafi nama jidduuttis walooma, araara, dhiifamaafi obbolummaa jabeessuuf jaarmiyaa iddoo olaanaa qabuudha.

Irreechi guyyaa galata Waaqaati. Guyyaa Ummanni Oromoo Malkaa ykn Horaafi Tulluurratti bahuun araara, dhiifama, hawwiifi milkii gaarii, nageenyaafi badhaadhina, akkasumas tokkummaa itti labsuudha.

Irreechi Oromoo kun falaasama galateeffannaa Oromoon addunyaa kana keessatti ittiin humna Waaqaa ibsu, jireenya lafa kanaa raaju, dhoksa ykn iccitii jiruufi jireenyaa dhalootaaf ykn labata ittaanuuf ittiin ibsuudha.

Irreechi Oromoo duudhaalee gabbataa, kan dhaloonni haaraafi addunyaan irraa baratan hedduu of keessaa qaba. Irreechi Duudhaa Nageenyaafi Araaraati.

Horri ykn bakki Irreechi Oromoo ittigaggeeffamu kamuu bakka nageenyaafi araaraati. Bakka garaafi qalbii qulqulluun, haaloo ykn gadoo tokko malee nageenyaafi araara itti labsaniidha. Nageenyiifi araari duudhaa Irreechi qabu keessaa isa tokko waan ta'eef, guyyicha nagaatu labsama; nagaatu leellifama.

Irreecha irratti nagaatu barsiifama; nagaatu baratama. Nagaadhaan maatii, ollaafi ummata bal'aa waliin jiraachuu, nagaan uumaafi uumama wajjin jiraachuutu labsama.

Bakka araari Waaqaafi lafaa, araari uumaafi uumamaa itti labsamuufi itti kadhatamuudha. Irreechi Duudhaa dhiifamaalee of keessaa qaba. Ardaan ykn Malkaan Irreechaa iddoo duudhaa dhiifamaa isa olaanaadha.

Beekees ta'e osoo hinbeekiin, yaadees ta'ee osoo hin yaadiin kan waldhabe, walitti mufate yoo jiraate guyyaa Irreechaa dhiifama walii gochuun mallattoo Irreechaa isa hangafa. Irreechi duudhaa kadhannaa ykn galateeffannaati. Irreechi bakka itti boo'an, bakka walabaaran, bakka jeequmsaa osoo hintaane, bakka garaa qulqulluun, haaloo ykn gadoo tokko malee Waaqa itti kadhata ykn itti galateeffataniidha.

Irreechi bakka waan dhaban ykn waan rakkataniifi yaadda'an itti kadhata, bakka waan itti milkaa'aniif Waaqa ittigalateeffatani. Bakka duudhaa tokkummaafi obbolummaati.

Tokkummaa Oromoofi obbolummaa sabaafi sablammoota biyya kanaa cimsuu keessatti Ayyaanni Irreechaa iddoo olaanaa qaba. Dabalataanis Jaarmiyaalee Sirna Gadaa keessaa tokko kan tahe Irreechi Oromoo duudhaalee eebbaa, jaalalaa, abdiifi hawwii gaarii akkasumas safuu kan ofkeessa qabuudha.

Irreechi bakka duudhaan obbolummaa sabaafi sablammoota biyya kanaafi addunyaa itti cimudha. Duudhaan saboota, sablammootaafi ummatoota biroo hammachuus sirnuma kanarraa kan maddu waan ta'eef Irreecha turban har'aafi boruu (Fulbaana 26fi 27 bara 2016) lammiilee biyya keessaafi alaa bal'inaan hirmaachisu kana haala asxummaa tokkummaafi obbolummaasaa madaaluufi ibsuun haa kabajnu.

*Irreechi Irreecha milkii haa ta'u!*

# Yaada

## Irreechas akkuma Masqalaafi Mawulidaa

Ayyaanonni waggaa maranii dhufan miira ittiin yaadatamaniifi kabajaman qabu. Waqtiilee itti kabajamanittis hawaasa keenyaaf hiikaafi ergaa dhaamuu qaban dabarsuun achii-dhuftee ganamaa lallaba buleeyyiitiin uummataaf galaa gumaachu.

Waqtiin Ayyaana Masqalaa Dachee rooba gannaan dhoqqoofte qoorsee, biiftuu hurriidhaan haguugamtes saaqee riqicha ta'ee Gannarraa Birraatti kan ceesisu ayyaana kabajamaadha. Ayyaanni Masqalaa ummata Oromoo biratti jaalalaafi tokkummaan kan kabajamu, kan arjoomuu malee waakkiin keessa hinjirre ayyaana quufaafi sugaati. Kanaaf Masqalli Mootii Ayyaana jedhamee ummata Oromoo biratti miira addaatiin kabajama.

Kabajamtoota ummata Oromoofi lammiileen Itoophiyaa hundi бага bacaqii Gannaa hoofkaltanii Booqaa Biiirraa Ayyaana Masqalaa tibba horiifi namni, waatiifi daa'imni akkasumas kan fagoofi dhiyoo gammachuun guutamee, hawaasummaan haaromee waloomasaa ittellellisuufi gammachuusaa ittiin ibsatu nagaan geessan.

Ummata Oromoo biratti booqaan Birraa taatee waljijjiirraa yeroon dhufu qofa osoo hintaane, sochiin hawaasummaafi dinagdee sababa rooba cimaatiin gargar fagaatee ture deebi'ee jabaachuun dhala namaa imala haarawaaf qopheessa. Hawaasummaa ganni gargar fageesse deebi'ee haaroma, Qeerroofi Qarreenis Goobeefi Shinoooyee taphachuun qe'ee tokkoo gara birootti imalanii misiraachoo simannaa Ayyaana Masqalaatti labsu.

Kana malees, Masqalli ayyaana tibba sanyiin Ganna faacaafame asheetee ollaafi firri walitti dhufanii waliin sooratan, loon kaloorraa dheedanii wayita quufan kabajamu waan ta'eef simboo addaa kenna. Kanaaf Oromoon Masqalli quufa jedha.

Hordofoota Amantii Kiristaanaa birattis Masqalli ayyaana yaadannoo fannoo Yesuus Kiristoos ta'ee kabajama. Hordofoonni amantichaa jaalala dhugaa Waaqayyo dhala namaatiif qabu guyyaa itti dinqisiifatanii galateeffataniidha. Yesuus Kiristoos jaalala dhala namaatiif jecha sababa dhiifamuu cubbuutiif tokkicha ilmasaa gara biyya lafaatti erguun wareeguusaa yaadachuun araaraafi dhiifama guyyaa itti lallabaniidha. Kanaafis, hordofoota amantii Kiristaanaa biratti Ayyaanni Masqalaa guyyaa yaadannoofi mallattoo jaalalaa, araaraafi dhiifamaa ta'uutu barsiifama.

Ummata biyya keenyaa hunda biratti Masqalli akka mallattoo ce'umsaatti ilaalama. Sababnisaa Masqalli wayita Gannarraa gara Birraatti darbamu waan ta'eef rakkoofi gadadoorraa gara quufaatti waan ce'aniif, Oromoon kan darbeef Waaqa galateeffachuun kan dhufuuf immoo kadhachuun kabajata.

Kabajaafi ulfina Ayyaana Masqalaatiif qabus yeroo ibsu Galgalliifi Masqalli waakkii hinqabu jechuun duudhaa arjummaa sirna ummata Oromoo keessa jiruun maaddii



waliin qooddachuufi ayyaanicha gamtaan waliin kabajata.

Kabajamtoota ummata Oromoo, saboonni, sablammoonniifi ummattoonni Itoophiyaa duudhaa waloomaa waggootaaf kuufanneen tokkummaa keenya jabeessinee humna nu diiguu barbaadu gamtaan dura dhaabannee bara 2015 keessa qormaataawwan hedduu turan carraatti jijjiirree milkoofneerra.

Ummanni keenya gamtaasaa cimsatee qormaatilee waan injifataman hinfakkaanne hunda injifatee, hanqina jiru sirreesseefi cimina qabnus itichuun hojiiin hojjechaa dhufne humna guddaa imala keenya milkeessee badhaadhinaan nu ga'u ta'uu gocha qabatamaa keessatti agarreerra.

Keessumaa wayita hongeen cimee rakkoo hamaaf ummata keenya saaxile ummanni Kaabaa Kibbatti, Bahaa Lixatti harka arjummaasaa walii diriirsee Buusaa Gonofaan walhirphee qormaataacha karaa ajaa'ibaatiin akka damdamannu nu taasiseera. Kana malees, hongee jijjiirama qilleensa dhufu hundeen qolachuu kan nu dandeessisan pirojektota Finnaa bajata xiqqaa qabnuufi humna waloo keenya fayyadamnee fala waaraa rakkoolee akkasii ittiin furrus nu gonfachiiseera.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa duudhaafi safuu Oromoo ulfoofi ulfinasaa ganamaati deebisuun Oromiyaa ijaaree Itoophiyaas utubuuf imala waloomaa jabeessuu, misooma ittifufiinsa qabu mirkaneessuufi nagenya waareessuuf eegale daandii ummatichaa qajeelchee injifannoon ummatichaa akka ittifufu taasiseera.

Aadaafi duudhaan keenya akkasumas seenaan gootummaa keenyaa misoomaafi guddina dinagdeen akka dabalamuuf Mootummaan Naannoo Oromiyaa harqoota hiyyummaa caccabsuun dinagdee damdaneessaa mirkaneessuuf bara 2016tti karoora xiiqqi qopheessee hojiiiti hiikuu eegaleera.

Karoorri xiiqqi baranaa aadaa hojii keenya bu'uuraan jijjiiruun ariitiifi baay'inaan omishnee kalaqaan dabaluu akka manii guddaati kan qophaa'e karoora ummataati.

*Gara fuula 14tti*



## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

**Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata**

**Pireesii Itoophiyaa**

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

**Gulaalaan**

**Charinnat Hundeessaa**

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**

*Saamraawit Girmaa*

*Natsaannat Taaddasaa*

*Bayyanaa Ibraahim*

*Waaahuun Takilee*

**Adeemsisaa Hojii**

*Bil. 011-126-42-22*

**Kutaa Beeksisaa:**

*Bil. 011-156-98-73*

**Raabsa Gaazexaa**

*Bil.011-157-02-70*

**Faaksii Kutaa Qophii**

*251-011-1-5698-62*

*L.S.P 30089*

*email-bariisaa@press.et*



**Ethiopian Press Agency**



# ODUU

## Oromiyaatti qophiin qamadii bonaa lafa hektaara miliyoona lamaa ol eegalame

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Oromiyaatti qophiin qamadii bonaa bara 2016 lafa hektaara miliyoona lamaafi kuma 600 eegalamuu Biiron Qonna Naannichaa beeksise. Bara 2015tti lafa hektaara miliyoona tokkoofi kuma 100 sanyiidhaan uwwisuun akka danda'ames ibsameera.

Biirichatti Qindeessaan Inisheetiivii Qamadii Bonaa Obbo Xahaa Muummee Dheengadda Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf akka ibsanitti, qophiin lafa qonnaa qamadii bonaa bara 2016 eegalameera. Godinaalee garii keessatti qophiin lafaa xumuramee hojiin facaasuu eegalameera.

Akka ibsasaaniitti, qophii raawwii baranaa osoo hineegalin qabeenya bishaaniifi lafaa naannichaa keessatti waliigalaan argamu koreen hundeeffamee hojii adda baasuu bal'aan hojjetamaa tureera.

Erga qabeenyi bishaaniifi lafti jal'isiif oolu adda ba'ee booda tibba gannaatti hojii bishaan sassaabuu, daandiiwwan bishaan itti jal'ifaman qulqulleessu, suphiinsa ujummoo bishaanii, marii karooraa fi sochii dhiyeessii bishaan jallisii godinaaleefi



aanaalee maratti gaggeeffamuu ibsaniiru.

Hojii bara kanaa milkeessuuf dhiyeessii guddistuu callaa fi sanyii filatamaa ganna darbeerraa yuuniyeenotaafi dhaabbilee garaagaraa biratti hafee jiru adda baasuurratti hojii bal'aan hojjetamee jira jedhanii; dabalataanis sanyii filatamaan omishamee oyuruurra jiru hanga ga'utti kan hafe kuntaala kuma 157 adda

baasuun dhiyaachaa jiraachuu himaniiru. Guddistuun callaa haaluma walfakkaatuun hanga jiru akka raabsamu taasifamaa jiras jedhan.

Haaluma kanaan godinaalee 16 keessatti qophii lafaa eegalameen hanga oduun kun qindaa'etti lafti heektaara kuma 310 ol ta'u qophaa'eera. Godinaalee gammoojjummaa qaban sagal keessatti lafa hektaara kuma



50 ol ta'urratti sanyiin faca'eera. Rakkoo hanqina roobaa jiru furuuf lafa midhaan irraa sassaabamee jiidha qabu qotuun sanyii qamadiin uwwisuuf hojiin fufiinsa qabu hojjetamaa jira,

Karooraa ol raawwachu, qindoomina cimaa, kutannoo qonnaan bulaa, hojjetoota misoomaa, hooggansaafi sirna hordoffiifi to'annoon cimina bara 2015 ta'uu himanii; poteenshaala jallisii jiruun raawwiin godinaaleefi aanaalee walfakkaachuu dhabuu, ittifayyadama bishaanii, to'annoofi ittisa ilbiisotaarratti qaawwa jiru akka hanqinaatti kaasaniiru.



Obbo Naasir Huseen

## Kabaja ayyaanotaatiif haala qophii Magaalaa Shaggar

### Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Marata Finfinnee kan taate magaalaa Shaggar sochii hawwataa taasisaa turteetti ammas taasisaa jirti. Hulaa hundaanuu Shaggar dubbisuun Hora Finfinneetti shubbisuu. Shaggar akka warra cidhaa Waan guute, waan hir'ate, waan hawwatuufi waan fokkatu sirreessuuf ifaajaashee finiinsaa jirti.

Ayyaanota Moolidaa, Masqalaafi Irreechaa tokkummaafi jaalalaan akka kabajamaniif Shaggar qofaa osoo hintaane Finfinnee waliin bakkeewwan kabaja ayyaanota kanneenii qulqulleessu, koreewwan garaagaraa qindeessuufi ofiisaanii miidhagsuu erga eegaltee bubbulteetti.

Gara fuula 13tti

## Ayyaanni Moolidaafi Masqalaa bifa duudhaasaa eeggateen kabajame

### Gammachuu Kadiri/Taammiruu Raggaasaan

**Finfinnee:** Kabaji ayyaana Moolidaafi Masqalaa duudhaa jaalala, nagaafi araara qabatee kabajamuu abbootiin amantaa beeksisan. Ayyaanni Moolidaa waggaa kuma tokkoofi 498ffaa ayyaanni Masqalaa Roobiifi Kamisa darbe sirna ho'aan kabajamaniiru.

Paatiraarkiin Mana Amantaa Ortodoksii Tawaahidoo Itoophiyaa karaa bakka bu'aasaanii Abuna Abrahaam ergaa baga geessanii dabarsaniin akka jedhanitti, ayyaanni Masqalaa ayyaana naga, jaalalliifi tokkummaan ittilallabamu ta'uu ibsaniiru. Duukabuutni mana amantichaa waljaalachuun miira dhiifamaafi araaraan ayyaanicha kabajuu qabu jedhaniiru.

Pirezidaantii ittaanaan mana maree waliigalaa dhimmoota Islaamummaa Itoophiyaa Sheek Abdulkariim Badraddiin kabaja ayyaana Moolidaa waggaa kuma tokkoofi 498ffaa ilaalchisuu hasawaa taasisaniin, lammiileen tokkummaafi naga biyyaaf hojjechuu akka qaban ibsaniiru. Ergaasaanii keessattis nagaan yoo jiraate biyyi jiraatti jedhaniiru. Masjiida guddicha Anuwaar Finfinneetti ayyaanichi kabajameera.

Barreessaa olaanaan gumii abbootii amantaa Itoophiyaa liiqa tiguhaan luba Taagaayi Taaddalaa akka jedhanitti, Itoophiyaanotni duudhaa nama jaalachuufi kabajuu boonsaa ta'e qabu. Nabiiyyuu Mahaammad duuka

Gara fuula 13tti





# Mijuu

**BARIISAA SANBATAA** Fulbaana 19 Bara 2016

**Iddoowwan hawwata  
turizimii keenya  
misoomsuufi  
beeksisuun hojii  
cimee ittifufuu  
qabuudha**



Doktar Tuqaa Jirmoo



Saaraah Kirenga

**fuula 8**



**“Duudhaan osoo dhiifama walii hingodhiin malkaatti bahanii  
irreeffachuun hindanda’amu  
jedhu deebi’uu qaba”**

- Barreessaafi Gaazexeessaa Birruu Tsaggaayee

**fuula 6**



Miis Turizimii Oromiyaa Maahidar Fiqaduufi Haliimaa Abdulshakur (bitaa gara mirgaatti)

**“Anis akkuma atileetota Boqojjii  
damee turizimiitiin maqaa biyya  
koo waamsisuun barbaada”**

**fuula 9**



**Ayyaana Masqalaa gama  
duudhaa amantii,  
aadaafi hawaasummaatiin**

**fuula 10**



**Keeniyaa, Ugaandaafi  
Taanzaaiyaan waancaa Afrikaa  
wajjumaan qopheessu**

**fuula 15**



## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Duudhaan osoo dhiifama walii hingodhiin malkaatti bahanii irreeffachuun hindanda’amu jedhu deebi’uu qaba”

- Barreessaafi Gaazexeessaa Birruu Tsaggaayee

## Waasihun Takileetiin

Hayyuun seenaafi gaazexeessaa Birruu Tsaggaayee maatii of jalaa qabaachuu baatus dhala hinduuneeffii hindulloome godhataniiru. Kan dhalachuuf jirus of harkaa qabu. Kunis isaan boonsa. Hayyuun kun namoota seenaan leellisaa hafu keessaa tokko. Gaafa tokko jedhanii seenaa Oromoo hanga gaanfa Afrikaatti jiru haasa’uu jalqaban akka muuziqaa mi’aawaa ciisanii dhaggeeffatanii qalbii namaa bohaarsu.

Jaarraa tokkoofi waggoota 30 oliif Oromoofi Horri Finfinnee adda bahanii turaniiru. Oromoon qabeenyasaarratti abbummaa dhabee akka lammii lammaffaatti ilaalamaa sirna mootummaa tokkeef irboo safaraa lafasaarratti ciisanyaa ta’ee cenyummaasaas akka dhabu yaalamee sarbamaa ture.

Baay’onni qe’eefi qabeenyasaniirraa buqqifamaniiru. Kanneen didanii falmatanis wareegama qaalii hanga aarsaa lubbuu kaffalaniiru. Jaarraa dukkanaa sana keessaa biiftuun Oromootti lixee turte har’a baatee Oromoon qe’ee abbaafi hadhasaa kaleessa kabajasaa keessatti dhabe, Finfinneefi Hora Finfinneetti deebi’ee irreeffachuu eegaluu injifannoo guddaa har’a faajjii walabummaa ta’ee mul’atuudha.

Dubbistootaa Oromoon kaleessa qabiyyeeffii horasarraa humnaan buqqa’e har’a bakkatti yoo deebi’u arjummaan kan argame osoo hintaane bu’aa qabsoofi wareegama hadhaa’an ta’uu Hayyuun Seenaa Gaazexeessaa Birruu Tsaggaayee ni dubbatu.

Gaazexaan Bariisaas ayyaana Irreecha Fulbaana 26fi 27 bara 2016 kabajamu sababeeffachuun turtii isaan wajjin taasisera. Gaafdeebii isaan wajjin taasisnetti ce’uun dura. Waa’ee ayyaana Irreechaarratti waanuma gabaabduu wal haa yaadachiisnu.

Ummanni Oromoo saba guddaa Gaanfa Afrikaa falaasamoota, qaroominaafi sirna dhugeeffannoo guguddoo kalaquun addunyaaf gumaache yoo ta’u falaasamoota kanneen keessaas Sirni Gadaa isa tokko.

Qaroomina kanneen keessaas dhimmoota bulchiinsaa, siyaasaa, dinagdeeffii hawaasummaa kan ittiin hogganaafi ittiin walbulchaa ture Sirni Gadaa isa guddaadha.

Jaarmiyaaalee Oromoon ijaarrachuun sirnootaafi falaasamootasaa kanneen ittii eegeeffi kunuunsee asiin gahe keessaa Irreechi tokko yoo ta’u, kunis sirna galateeffannaa, araaraafi dhiifamaa akkasumas guddummaa Uumaasaa ittiin ibsatuudha.

Irreechi duudhaafi sirna ittiin gaggeeffamu qaba. Duudhaafi aadaasaa beekaniirreeffachuun, kunuunsuun nama biraa hubachiisuun barbaachisaadha.

Irreechi bara 2016s kallattii Gumiin Abbootii Gadaa kaa’een Hora Finfinneetti Fulbaana 26, Irreechi Hora Arsadee ammoo Fulbaana 27 bara 2016 kabajama.

Irreechi faajjii tokkummaa, wajjummaa, obbolommaafi ayyaana araaraati. Irreechi ayyaana osoo garaagarummaa ilaalcha siyaasaa, amantiifi gosaan walhinqoodiin tokkummaafi waloomaan kabajamudhas.

Ayyaanni Irreechaa ayyaana ummata bal’aa waan ta’eef hunduu gaheesaa bahachuun karaa nagaan akka kabajamu qindoominaan hojjechuu kan gaafatuudha.

Kabaja ayyaana Irreechaarratti mallattooleen garagaraa kan itti callaqqisiifamu osoo hintaane uffata aadaafi alaaba Abbaa Gadaatiin ala alaabaan siyaasaa kamuu achirratti argamuun kan hinbarbaachifneedha.

Ayyaanni Irreechaa ayyaana dinagdeeffii turizimii ta’uun naannoofi biyya keenyaaf galii guddaa argamsiisaa kan jiru yoo ta’u, waltajjii obbolommaan sabaafi sablammootaa irratti mul’atu ta’eera. Irreecharratti ummanni miliyoona shanii hanga torbaa kan hirmaatu waan ta’eef ayyaana бага nuu dhufe jedhamee hawwiidhaan eegamuudha.

Haala nageenya ayyaanichaa kabachisiisuuf Qeerroo, Qarreefi qaamoleen garagaraa leenjii fudhachuun qaama nageenyaa waliin ta’uun ni hojjetu. Koreewwan sirna ayyaanichaatiif haala mijeessanis ijaaramuun hojii keessa galaniiru.

Namni ayyaana Irreechaa kabajuuf bakkichatti argamu hundi ayyaanichi qabeenya waloo ta’uu hubatee nageenyaafi miidhaginasatiif abbummaan gahee irraa eegamu bahuu qaba.

Ayyaana Irreechaa baranaa bifa addaa ta’een akka kabajamuuf mariin ummataa bal’aa hirmaachise sadarkaalee hundatti gaggeeffamaa jira.

Garaagarummaa yaadaafi ilaalchaa iddoowwan gara garaatti mul’atan mariin furuun ayyaana kabajaafi jaalalaan kabajachuun qaroomina ta’uunis habannoo argachuu qaba.

Sirna kabaja Ayyaana Irreechaarratti osoo Abbaan Malkaa malkaa hinsaaqiin dhaqanii Irreeffachuun dhorkaa ta’uu hubachuun hojiirra oolchuun murteessaadha.



Suurri: Iyyoob Tafariitiin

**I**rreechi duudhaafi sirna ittiin gaggeeffamu qaba. Duudhaafi aadaasaa beekaniirreeffachuun, kunuunsuun nama biraa hubachiisuun barbaachisaadha

Miidiyaan tokkummaa cimsuu, hariiroo obbolomma dagaagsuufi walittidhufeenya sabaafi sablammootaa gabbisuu keessatti shoora olaanaa waan qabuuf kanarratti cimsee hojjachuun murteessaadha. Odeeffannoo Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa biraa argame.

Turtiin nutis kanuma ka’umsa taasifachuun keessummaa keenya wajjin taasisne akka ittaanutti kan dhiyaate yoo ta’u, isaanis haala keessa darbame yaadachiisuun ibsasaanii kan eegalan. Dubbisa gaarii.

**Bariisaa: Obbo Birruu Tsaggaayee eenyu? Eessatti dhalatanii guddatan?**

Horasaa gargar baasteetti. Sanyiin keenyas gaaga’ama sanaan kan miidhameedha.

**Obbo Birruu:** Birruu Tsaggaayee Jimaan jedhama. Kanan dhaladhee guddadhe naannawuma Finfinnee, bakka Furiu jedhamutti.

Akka akaakayyuun kiyya natti himanitti bakki ganamaa akaakayyuukoo iddoo yeroo ammaa maqaa Baambiis jedhamuun beekamu fuuldura taabota Uraa’elii ture. Achii buqqifamanii gara Furiitti godaanan.

**Bariisaa: Warreen dur sirnoota darbaniin Finfinneerraa buqqa’ee Furiitti ari’atame keessaa akaakayyuun keessan isaan tokko jedhamaatii kun hammam dhugaadha? Bakka kamiis buqqa’an?**

**Bariisaa: Bakki akaakayyuun keessan irraa buqqa’an sun kan amma Baambiis jedhamu maqaa maal jedhamuun beekamaayyu?**

**Obbo Birruu:** Dhugaa dubbachuuf Finfinneen namoota hedduu qabiyyeesaaniirraa buqqisteetti. Oromoofi

**Obbo Birruu:** Bakkichi wiirtuu doloolloowwan sadii itti walgahanidha. Isaanis, Qabbannaa, Gordommee (Sarara



## “Duudhaan osoo dhiifama walii hingodhiin...”

Immiigireeshiniirraa dhufuufi Doolooloo Piyaassaa (Tulluu Araaraa) kuttee dhufu yoo ta’an bakki walgeettii doloolluowan kanneenii maqaan ganamaa Malkaa Obosheedha.

Oromoo buqqisanii deebisanii lafa Oromoorra qubachiisaa turan. Innuu Shaggarii kaasee kaan Arsiitti, kaan Baaleetti ari’uun qabiyyee fi duudhaa eenyummaansaas akka badu taasifamaa ture.

Ani Birruu Tsaggaayee Jimaa, Kallachaa, Goobanaa, Wambaree, Oboshee yoon ta’u akaakayyuunkoo, Malkaa Oboshee (Baambiis)irraa buqqa’anii Furiitti galan. Achitti ijoollee horatan. Anis achuma Furiitti dhaladheen guddadhee barnootakoos baradhe malee dhufaatiin keenya Malkaa Obosheerraayi.

**Bariisaa: Haala barnoota keessanii nuu ibsaamee?**

**Obbo Birruu:** Barumsaa sadarkaa 1ffaafi 2ffaa Furiirraa Aqaajiitti deddeebi’een baradhe. Hammam fagaatus deddeebi’een achumatti xumure. Akkuman kutaa 12ffaa xumureen qabxii olaanaa fideen ijoollee jaha taanee iskoolaarii dorgomne keessaa lama dabarree Yunivarsitii Paatiiris Lumumbaa Piippilsi Fireendship, jedhamu kan Mooskootti argamuttan baradhe.

Akkuma yunivarsiiticharraa barnoota gaazexeessummaatiin digrii jalqabaatii hanga maastarsii waggoota jahaaf hordofee xumureen gara Itoophiyaatti deebi’ee Ministeera Beeksisaatti Seensar Shiippii ykn kitaabileefi barruulee kamuu madaaluun kanneen siyaasa balaafamaa qaban gatuun kanneen ilaalcha misoomawaa qaban maxxansaaf akka qaqqabu gochuu ture hojiin koo.

Yeroo sanatti Gaazexaa Addis Zamaniifi Ze Itiyoophiyaan Heeraaldii ala kanneen maxxanfaman kamuu qorachuun hojii keenya ture. Kana malees gaazexaa Xoobbiyaa jedhamurrattis qopheessaa ta’ee waggaa lamaafi walakkaaf hojjetheera.

**Bariisaa: Konfedereeshinii Waldaalee Hojjetoota Itoophiyaa keessatti hoo maal hojjetaa turtan?**


**Obbo Birruu:** Gaazexaa Yasarraatanyoochi Dimtsi (Sagalee hojjetootaa) jedhamurrann hojjetaa ture. Achi keessatti waggoota 20 oliif ergan hojjethee soorama bahee amma kontiraataanin achuma keessa hojjetaan jira.

**Bariisaa: Obbo Birruun hayyuu seenaatiis. Kitaabilee akka barreessitanillee ni himamaatii kitaabni keessan maal kan jedhu ture?**

**Obbo Birruu:** Dhugaadha. Bara 2008 Kitaaba fuullisaa guddaa, ‘Yasilixxaanee Afrikaawwii Mincinnaa Batarat Maggaarajaawochi Yatashaffanuu Iwunatoochi’ kan jedhamuudha.

Kanamalees barruulee xiqqaa hanga fuula 30 hincaalle qabdu tokko Ya Oromoo Waaqeffannaanaa, Yanibee Bokkuu Yafawus Taammiraat (Duudhaafi sirna Waaqeffanna Oromoofi Hojii Ajaa’ibaa Nabee Bokkuu) kan of keessatti hammateedha.

**Bariisaa: Waa’ee kitaaba keessan guddicha fuula 500 ol qabuu sanaa nuu ibsaamee?**



**Obbo Birruu:** Kitaabichi kitaaba seenaa qabuudha. Kanamalees ilaalcha Oromoon alaa gale malee as miti jedhu kan cabsuudha. Kabajni Irreechaas dachee Oromiyaatiin ala sadarka Afrikaattillee beekamtii kan qabu, sirna galteeffanna gaggeeffamuufi dhugaansaa gadi qabaa sirmootaatiin ukkaamfamaa turuufi yeroo keessa ifatti kan bahu ta’uulle kan akeekuudha.

**Bariisaa: Sababa kitaaba kanaatiin waanti isinirra gaha hinjiruuree?**

**Obbo Birruu:** Sirna ADWUI keessa yeroo saddeet hidhameera. Achi keessaa yeroo lama ji’a saddeet. Inni birraas bifuma walfakkatuun maa’ikalaawwii keessatti natti roorrisaas turaniiru. Sun hundi darbee har’a afaan keenyaan afaan guunnee dubbanna, malkaa keenyattis baanee irreeffanna.

**Bariisaa: Irreechi Hora Finfinnee jaarraa tokkoofi walakkaan booda kan deebi’e. Kanarratti maal jettu mee?**

**Obbo Birruu:** Irreechi Hora Finfinneefi godaansi Gadaa akka dhaabatu taasifameera. Ta’us Oromoon “Hoo Gabbisayyoo Seerri Abbaa ilmoorra Marartii” jedhee jaalalaafi kabaja Godaansa Gadaafi Irreechaaf qabu ibsachaa ture.

Godaansi Gadaa dhaabachuun sirni baallii walharkaa fuudhuu akka dhaabatu kan taasisu ta’us ummatichi bilchina sammuu waan qabuuf dhoksaan tooftalee adda addaatiin tursiisee asiin ga’eera.

Seera Gadaa kan abbaa keenyarraa dhaalleen ala sirna aangoo dhaaltummaan dhiigaan darbuun hinbullu jedhu turan. Abbootiin keenya nama baraterra caalan. Kunimmoo ilaalcha dimokraatawaafi addunyaan amma shaakalaa jirtu yoo ta’u, Oromoon duruu ummata walqixxummaafi tokkummaatti amanu ta’uusaatiif agarsiistuu guddaadha.

**Bariisaa: Seerri abbaa maali?**

**Obbo Birruu:** Seerri Abbaa Gadaadhakaa. Godaansi Gadaa hinjiru taanaan adeemsi baallii walharkaa fuudhuu hinraawwatu jechuudha. Kun akka

hingageeffamneefimmoo dhiibbaan ture daran hadhaa’aa ture. Kanarraa kan ka’e Irreechi Hora Finfinnee addaan citee ture.

Har’a garuu seenaan haareffamee Horri Finfinnee bakkatti deebi’eera. Anis namoota bakka horichaa eeruu kennuun murteessan keessaa tokko. Kun ta’uusaattis nan gammada. Oromoon yeroo Irreecha Hora Finfinnee dhorkametti gara Harsadiitti imaluun irreeffachaa ture. Oromoon abshaalummaan Irreechasaa Hora Harsadiitti gaggeeffaachaa ture jechuudha.

Dhaloonni duubaan dhufe kan abbaa dhaanu osoo hintaane kan abbaa caalu waan ta’eef irreechi Hora Finfinnee bakkatti deebi’eera.

**Bariisaa: Duudhaan Irreechi ittiin kabajamaa ture akkamitti ibsama laata?**

**Obbo Birruu:** Duubatti deebinee yoo ilaalle kan hafu jira. Kunis irreechi kabajamuuf torbeetti yeroo galu “Sirni Araaraa” gaggeeffamaa ture. Kunis firri kallattiilee gara garaatiin walyakke, walitti darbe, walmiidhe dhiifama waliif taasisa jechuudha.

Osoo dhiifama walii hingodhiin malkaatti bahanii irreeffachuun hindanda’amu. Duudhaan kun deebi’uu qaban jedha. Kun erga raawwatee erga abbaan malkaa malkaa saaqee adeemsa abbootiin Gadaa kaahaniin sirni irreeffanna gaggeeffama jechuudha.

**Bariisaa: Irreechi Hora Finfinnee jaarraa tokko booda kabajamuu jalqabeera. Kan bara jalqabaafi duuba kana gaggeeffamaa jiru akkamiin madaaltan?**

**Obbo Birruu:** Dhugaa dubbachuuf mootummaan haaromsaa gara aangooti dhufee yeroo jalqabaaf Irreechi Hora Finfinnee yeroo kabajamu kan dur ilaacha hinmalleen ilaalamaa ture Oromoon alatti ilmaan Kuush Itoophiyaa keessa jiran kanamalees biyyoota Afrikaa gara garaa keessaa babahan irratti hirmaataniiru.

Sun addunyaa ajab jechisiiseera, uffanni aadaa sabaafi sablammiileen itti faayamanii argaman qalbii nama booji’a. Irreechi yeroo sana kabajame uwwisa miidiyaa biyya keessaafi alaa hedduu argateera. Duubarra garuu sababoota gara garaatiin hirmaannaan ummataa waan gadibu’e natti fakkaata. Kunimmoo miidhaginasaa gadibuuseeran jedha.

**Bariisaa: Fuulduratti maal ta’uu qaba jettu?**

**Obbo Birruu:** Irreechi ilmaan Kush Itoophiyaa keessa jiran qofa osoo hintaane ummata gurraacha birattillee beekamtii kan qabudha. Duudhaan kun galmee ‘UNESCO’ irra akka qubatuuf xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qaban jedha.

Duudhaleen dagataman yaadatamuu qabu. Irreechi amantiin kan daangahu osoo hintaane hunduu uumaasaa kan itti galateeffatu, sirna galateeffanna malee namoonni tokko tokko waa’ee Irreechaa hinbeekne akka waan malkaa, laga, tulluutti sagadamuutti kan lakkaa’an jiru. Kun dogoggora ilaalchaa namoota hubannaa hinqabneeti.

Kan irreeffachuu deemu hunduu amantiilee gara garaa kan qabu yoo ta’u, hundumtuu waaqa itti amanate бага dukkana gannaa keessaa ifa birraatti naceessiste jedhee yeroo itti galateeffatudha.

Kanamalees duudhaa kana madda galii gochuun kan danda’amu waan ta’eef qorattoonni, hayyoonni seenaafi qaamonni dhimmisaa ilaallatu irratti hojjechuu qabun jedha.

**Bariisaa: Sirna Irreeffanna kana dhalootarraa dhalotatti dabarsuuf abbootiin darban wareegama qaalii kaffalanii asiin gahuu kaastaniittu, dhaloota ammaarraa hoo maaltu eegama?**

**Obbo Birruu:** Abbaanis ta’e dhaloonni darbe imaanaa guddaa nutti kennusaanii dagachuu hinqabnu. Imaanaan kun wareegama qaaliin kan nutti kenname waan ta’eef keessummaa qeerroofi qarreen duudhaa, aadaafi eenyummaasaanii haalaan qabachuufi eeggachuun dirqama. Ilma abbaa caalu ta’anii argamuu qabu.

**Bariisaa: Obbo Birruun hayyuu seenaa ykn kitaaba gadi bahanii hindubbifammedha kan jedhan jiruutii kitaaba tokko barreessitaniittu ammas akka of harkaa qabdan himama maaf gadi hinbaasne?**

**Obbo Birruu:** Hayyuun keenya gaafa soorama bahan xiyyeeffannoo hinqaban. Ani barreeffamoota seenaa gara garaa of harkaan qaba. Kitaabuma jalqaba barreesse tokko waliigala kan barraahedha malee kitaaba shanitti kan qoodamee hojjetamuu ture.

Rakkoo maallaqaarraa kan ka’e kitaaba shanitti qooduun hindanda’amne. Silaa maallaqni osoo naa mijate barreeffama seenaa dhugaa kana ummata koon nan gaha ture. Kitaabichi Oromoof qofa miti gurraachota Afrikaa kaaniifillee galtee ta’ee kan tajaajilu ture. Nama na deeggaru argannaan dhiyooti dubbistootaaf qophii ta’a.

**Bariisaa: Dhumarratti Obbo Birruun maatii horataniiru?**

**Obbo Birruu:** Fuudheen ture sababa garaaraan erga adda baanee bubbulleera. Yeroo ammaattis Furi mana hamma adda sangaa hingenye keessan jiraadha. Yoo guutuu baates guyyaa kana arguunkoo qofti nagaha. Oromoon horaafi malkaasaatti deebiheera. Kun nagammachiisa.

Wanti garaa nanyaatu yoo jiraate barreeffama of harkatti qabadhe kitaabatti hinjijjiiriin yoon hafe boqonnaa hinargadhu. Kitaabichi seenaa dhaalootaaf oltaa’uu qabudha itti haa yaadamun jedha.

**Bariisaa: Obbo Birruun maatii horachuu baatanis ilma hinduunee fi hindulloomne kitaaba seena qabeessa tokko of jalaa qabu. Kanamalees dhalachuuf kan jirus adeemsa jira. Kun nama gammachiisa. Silaa soorama baataniittu manuma teessumoo maal hojjettu.**

**Obbo Birruu:** Soorama bahus Waajjiruman dur keessa ture Konfedereeshinii Waldaa Hojjetoota Itoophiyaa keessa kontoraataan hojjechaan jira. Sanuu Furiirraa taaksiin deddeebiheenidha.

**Bariisaa: Ibsa bal’aa waajjira keenyatti argamuun nuu kennitaniif isin galateeffanna.**

**Obbo Birruu:** Isinilleen galatoomaa, ulfaadhaa Irreechi Irreecha milkii nuuf haata’u.



# Ilaamee...

## Iddoowwan hawwata turizimii keenya misoomsuufi beeksisuun hojii cimee ittifufuu qabuudha

Natsaannat Taaddasaatiin

**T**orban Turizimii Oromiyaa marsaa 3ffaan Fulbaana 13-15 bara 2016tti Finfinnee, Hoteela Iskaaylaayitiitti adeemsifameera. Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti Qindeessaan Kilaastara Hawaasummaa Obbo Abdulhaakiim Muluu, Komishinari Komishinii Turizimii Oromiyaa Aadde Lalisee Dhugaa akkasumas hoggantoonni mootummaa federaalaafi naannichaa biroon akkasumas gareen damee turizimii biyyoota Ugaandaa, Ruwaandaa, Keenyaafi Chaayinaa saganticharratti argamaniiru.

Waldaaleen gara garaas saganticharratti omishaaleefi tajaajilootasaniifi agarsiisaaf dhiyeessaniiru. Waraqaaleen qo'annoo gara garaa saganticharratti dhiyaatanii marii bal'aan irratti adeemsifameera.

Aadde Lalisee Dhugaa akka jedhanitti, sagantichi yeroo Paarkii Biyyaalessaa Gaarren Baalee hamba addunyaa ta'ee 'UNESCO'tti galmaa'ee fi jala bultii Ayyaana Masqalaafi Irreechaatti adeemsifamuusaa adda isa taasisa. Komishinichi hojii qabeenyawwan turizimii Oromiyaa beeksisuu Daandii Qilleensa Itoophiyaa dabalatee qaamolee biyya keessaafi alaa gara garaa waliin hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Obbo Abdulhaakiim Muluus gamasaaniitiin akka jedhanitti, mootummaan naannichaa guddina hawaas-dinagdee ummataa, naannichaafi biyyaa guddisuuf keessumaa waggoota sadan darbanii as damee turizimiif xiyyeeffannaa olaanaa kennee hojjechaa jira. Guddinni damichaa jiruufi jireenya hawaasaa fooyyessuu, guddina dinagdee naannichaa ta'ee biyyaa utubuufi carraa hojii bal'aa uumuun rakkoo hojdhaddummaa furuu keessatti gahee olaanaa qaba. Mootummaan damee turizimii kana guddisuuf qabeenyawwan turizimii naannichaa qorachuu, misoomsuu, babal'isuufi beeksisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu himaniiru.

Doktar Tuqaa Jirmoo Keenyaatti hayyuu Eegumsa naannawaati. Itoophiyaafi Keenyaan lafaa kiilomeetiraan lakkaa'amuun waldaangessu. Biyyoonni lamaan keessumaa gama turizimiitiin waan hedduu walirraa barachuufi waliin hojjechuu danda'u.

Itoophiyaan iddoowwan hawwata turizimii hedduu qabdi. Qabeenya bosonaa eegamaniifi kunuunfamanis baay'ee qabdi. Biyyoonni lamaan gama turizimiitiin muuxannoo hedduu waliif qooduu danda'u. Keenyaan gama paarkiiwwan misoomsuufi turizimiitiin muuxannoowwan gaggaarii qabdi. Paarkiiwwan Keenyaan qabdu hedduusaanii bu'uuraalee misoomaatiin guutamoodha. Kuni ammoo turistoonni baay'inaan paarkiiwwan biyyattii akka daw'atan taasisuun galii biyyattiin damee kanarra argattu guddisuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jiraachuu dubbatu.

Itoophiyaanis paarkiiwwan hedduu qabdi. Paarkii Biyyaalessaa Gaarren Baalee kan dhiyeenya kana 'UNESCO'tti galmaa'es




Doktar Tuqaa Jirmoo

paarkiiwwan biyyattiin qabdu keessaa isa tokko. Paarkii kun haalaan kan misoomu yoo ta'e tuuristoota hedduu hawwachuun madda galii turizimii walirraa hincinne ta'uu danda'a. Hawaasni naannawaa paarkii jiraatu fayyadamaa taasisuunis dhimma xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qabuudha. Itoophiyaan qabeenyawwan turizimiishee misoomsuu, eeguufi beeksisuuttis xiyyeeffatee hojjechuu akka qabdu gorsu.

Keenyaan gama iddoowwan hawwata turizimii misoomsuufi beeksisuutiin hojiilee gurguddoo raawwateetti kan jedhan Doktor Tuqaan, dhaabbilee turizimii biyyoolessaa waliinis hariiroo cimaa qabdi. Kun keenyaan turizimiidhaan akka beekamuufi damee kanarraa galii guddaa akka argattu taasisa. Qabeenya turizimii Keenyaan kan Itoophiyaan qabdu waliin yoo madaalamu Kan Keenyaan xiqqaadha. Itoophiyaan qabeenya turizimii guddaa qabaattus gama misoomsuufi beeksisuutiin hojii guddaatu ishee eeggata jedhu.

Itoophiyaan qabeenya turizimii qabdurraa galii malu argachuuf dhaabbilee qabeenyawwan turizimii beeksisan cimsuu qabdi. Hojiin Komiishiniin Turizimii Oromiyaa gama iddoowwan hawwata turizimii naannichaa beeksisuutiin raawwataa jiru biyyattiifiyyuu fakkeenya gaarii ta'a. Nageenya iddoowwan hawwata turistii mirkaneessuunis hojii damee industirii keessatti gahee guddaa qaba waan ta'eef nageenya mirkaneessuunis dhimma xiyyeeffannaa guddaa barbaadu ta'uu dubbatu.

Turistoonni keenya dhufan hedduun iddoo hawwata turizimii tokko hanga guyyoota ja'aatti turu. Turistoonni gara Itoophiyaa dhufanis soda nageenyaa tokko malee iddoowwan barbaadan deemanii daawachuufi achis oolani buluu akka danda'aniif bu'uuraaleen misoomaa sirriitti diriiruufi nageenyi amansiisaan akka jiraatu taasisuurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu qaba. Hawaasni naannawaa



Saaraah Kirenga

hawwata turizimii jiraatu eegumsaafi kunuunsa paarkicharratti bal'inaan hirmaachuu akka qabu jedhu.

Damee turizimii guddisuun carraa hojii bal'aa uumuufi guddina dinagdee biyyaa utubuu keessatti gahee olaanaa qaba. Naannawa hawwata turizimii tokkotti hoteelonni shan yoo banaman hanga namoota 500f carraa hojii uumu danda'u. Keenyaatti paarkii tokko hanga hoteelota 20 qaba. Abbootiin qabeenyaa bakka paarkiiwwan argamanitti hoteela ijaaruu fi babal'isuu qabu. Keenyaatti dameen turizimii galii biyyattiifi argamsiisuun sadarkaa lammaffaarratti argama. Itoophiyaan qabeenya turizimiishee misoomsitee yoo sirriitti beeksifte damee turizimii galii guddaa argachuu kan dandeessu ta'uu eeru.

Ayyaanni Irreechaas ayyaana turistoota baay'inaan hawwatu ta'uu eeranii, Oromoon keenya jiraatus ayyaanicharratti bal'inaan hirmaachaa jiru. Oromoon bakka adda addaa jiraatu lagaafi godinaan utuu wal hinqoodin dinagdeessaa cimsachuufi hiyyummaa hir'isuurratti xiyyeeffatee hojjechuu qaba. Tokkummaan keenya cimina dinagdee, hawaasummaa, siyaasaafi dippilomaasii keenyaaf bu'uura jedhu.

Itoophiyaa gama dinagdee magariisa mirkaneessuutiin waggaa waggaa biqiltuuwwan biliyoonaan lakkaa'aman dhaabuudhaan hojii fakkeenyummaa gaarii qabu raawwachaa jiraachuu eeranii, qabeenya uumamaa eeguufi kunuunsuun hojii mootummaa qofaan milkaa'u waan hintaaneeff ummannis bal'inaan irratti akka hirmaatuuf waamicha dhiyeessaniiru.

Hojiin misooma dinagdee magariisaa mirkaneessuu kun jijjiirama haala qilleensaa eegu, ongee ittisuu, madda bishaan lafa jalaafi irraa gabbisuu, dhiqama biyyee ittisuu, omishaafi omishtummaa qonnaa guddisuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu himaniiru.

Keenyaatti turistiin tokko paarkii tokko daaw'achuuf hanga doolaara 100fi isaa oliitti kaffala. Turistiin tokko paarkii Ruwaandaa keessa jiru daaw'achuuf ji'a sadii dura sagantaa qabsifatee hanga doolaara 1500 ol kaffalee ilaala. Turistiin tokko Paarkii Biyyaalessaa Gaarren Baalee daaw'achuuf doolaara tokko ykn lama kaffala naan jedhan. Kanaafuu Itoophiyaan iddoowwan hawwata turistiishee misoomsuufi beeksisuudhaan turistoota dhufanirraa galii malu argachuu qabdi. Tuuristoonni faayidaafi tajaajila barbaachisu argachuu qabu jedhu.

Torban Turizimii Oromiyaa qophaa'uun muuxannoo keessumaa gama turizimiitiin qabnu waliif akka qoodnuufi walirraa akka qooddannuuf kan gargaaru ta'uu himanii, Komishiniin Turizimii Oromiyaa hojii iddoowwan turizimii naannichaa beeksisuuf taasisaa jiru caalaatti cimsee ittifufuu akka qabus yaadachiisaniiru.

Durateessuu Ittaantuu Waldaa Keessummeessituu Ruwaandaa 'Sarah Kirenga' saganticharratti akka jedhanitti, waldichi tajaajila keessummeessuurratti hojjeta. Waldichi Mana Marii Daldala Turizimii waliin ta'uun Torban Turizimii Oromiyaa kanarratti argameera. Mani marichaa waldaalee hedduu of jalatti hammatee hojjechaa jira. Itoophiyaa dhufnee sagantaa Torban Turizimii Oromiyaarratti hirmaachuu keenyaaf gammachuu guddaatu nutti dhaga'ama. Sagantaa kanarratti waa'ee Itoophiyaafi Oromiyaa waan baay'ee baranneera. Nutis muuxannoo gama keenyaan qabnu Itoophiyaaf qoodneera jedhu.

Sagantichi hariiroo biyyoonni lamaan keessumaa gama turizimiin qaban cimsuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uu himanii, biyyoonni lamaan iddoowwan hawwata turizimii qabnu walitti gurgurachuu qabna. Damee turizimii guddisuun guddina dinagdee biyyaa fuulduratti tarkaanfachiisuu



# Qarreefi Qeerroo

## “Anis akkuma atileetota Boqojjii damee turizimiitiin maqaa biyya koo waamsisuun barbaada”

- Miis Turizimii Oromiyaa, Maahidar Fiqaaduu

### Charinnat Hundeessaatiin

Torban Turizimii Oromiyaa taateewwan adda addaatiin dabalamuun, haala ho'inaafi miidhagina addaa qabuun Fulbaana 13 hanga 15 bara 2016tti Finfinnee, Hoteela Iskaayilaayititti adeemsifameera.

Cufinsa sagantichaarratti sirna filannaa Miis Turizimii Oromiyaa bara 2016 haala daran hawwisiisaafi miidhagina addaa qabuun adeemsifameera. Waltajjicharratti shamarran mimmiidhagoo Oromiyaa 15 dorgommiif dhiyaatan keessaa Maahidar Fiqaaduu tokkoffaa bahuun mo'atteetti. Isheenis haala ittaanuun waltajjicharratti of ibsite.

“Maqaan koo Maahidar Baqqalaa jedhama. Kanin dhaladhe Godina Arsii, Magaalaa Boqojjiitti. Digrii jalqabaa Yunivarsitii Walqixxeerra arkiteekchariidhaan argadheera. Yeroo ammaa ammoo Miis Turizim Oromiyaa bara 2023 dorgomuufin asitti argamee galatoomaa.

“Akkuma na argitan kana uffanni aadaa ittiin faayamee isin fuuldura dhaabadheen kan Godina Gujii. Godinni Gujii godinaalee Oromiyaa keessaa tokko yoo ta'u, Finfinneerra kiiloo meetira 600 fagaatee argama. Addunyaa kanarratti rakkoolleen furmaata dhaban hedduudha. Kun garuu ummata Gujii biratti hinhojjetu. Ummanni Gujii Sirna Gadaatiin bula. Sirna Gadaa keessatti ammoo rakkoon furmaata hinarganne tokkollee hinjiru.

“Godinni Gujii godina hawwata turizimii hedduu qabuudha. Qabeenya uumamaatiinis kan badhaadheedha. Lageen, finca'aafi albuudawwan adda addaas qaba. Ani waa'ee Gujii hammana isinitti himeeraa dhaqaa daaw'adhaa. Godinichi aannan, buna, dhadhaafi buna qalaadhaan simatee isin keessummeessa. Galatoomaa!” jette.

Dorgommi miidhaginaa Miis Tuurizimii Oromiyaa marsaa 3ffaa baranaarratti kanaan shamarran sadarkaa 1ffaa hanga 3ffaa ba'aniif badhaasni qarshii kuma 100 hanga kuma 200tti kennameera.

Miidhagduu Miis Tuurizimii Oromiyaa bara 2015 kan turte Shamarree Hawwii Maatiyoosis, gonfooshii dorgommi Miis Turizimii Oromiyaa bara 2016 kan injifatte Shamarree Maahidar Fiqaaduuf dabarsitee kenniteetti.

Gaazexaan Bariisaas kanuma ka'umsa godhachuun turtii gabaabaa Shamarree Maahidar Fiqaaduufi Haliimaa Abdulshakur (Miis Turizimii Oromiyaa jalqabaafi Ambaasaaddara Turizimii Afrikaa Bahaa) wajjin taasisse akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

### Miis Turizimii Oromiyaa, Maahidar Fiqaaduu

#### Bakka dhalootaafi haala barnootaa

Godina Arsii, Magaalaa Boqojjiittin dhaladhee guddadhe. Digrii koo Yunivarsitii Walqixxeerraan arkiteekchariidhaaniin

argadhe. Yeroo ammaa ammoo dorgommi Miis Turizimii Oromiyaa mo'adhee Komishinii Turizimii Oromiyaatti ambaasaaddara ta'eera. Walumaagaalatti Maahidar kana fakkaatti.

#### Karoora

Komishiniin Turizimii Oromiyaa karoorawwan adda addaa qaba. Oromiyaa beeksisuuf haalota adda addaatiin hojjechaa jira. Anis komishinicha wajjin ta'uun karoora qabamerratti hirmaachuun milkaa'inasatiif xiyyeeffannaadhaan hojjechuun barbaada. Kana malees hojiilee miis turizimoonni kanaan duraa lamaan jechuunis kan Haliimaa Abdulshakur fi Hawwii Maatewos jalqaban hedduun jiru.

Gama miidiyaa hawaasaatiin Oromiyaafi biyya beeksisuu, waltajjiilee guguddaarratti Oromiyaa beeksisuufi kan kana fakkaatanirratti cimee hojjechuun barbaada. Akkasumas ogummaa koo arkiteekchariidhaan waan narraa eegamu gochaa gama turizimiitiin ykn iddoowwan hawwata turizimii qabnurratti sirriitti xiyyeeffadhee hojjechuun barbaada. Turistoonni addunyaa akka waan qabnu dhufanii daaw'atanin barbaada.

#### Boqojjii

Bakkin irraa dhufe, Boqojjiin burqaa atileetiksii ta'uun beekamti. Amma ammoo miis miidhagduu turizimii Oromiyaafi biyyaaf gumaachiteetti. Kunis taatee addaati jechuun ni danda'ama. Maqaan bakka ittihaladhe, Boqojjiin atileetota wajjin ka'a.

Atileetonni achii burqan maqaa biyya keenya addunyaarratti waamsisaniiru, beeksisaniiru. Nutis kanatti sirriitti boonneerra. Anis tattaaffiisaanii kanarraa muuxannoo fudhadhee gama turizimiitiin biyya keenya beeksisuun barbaada. Dameen turizimii hanga tokko fuulduratti akka deemu gochuufi maqaa biyya koo waamsisuun fedha.

#### Waan ummatarraa eegamu

Karoorrin qabadhe kun akka naa milkaa'uuf ummata keenyarraa abdi guddaan qaba. Hojiin ykn turizimiin kun qaama tokko qofaan waan hojjetamu miti. Ummanni keenyas nu wajjin ta'ee hojjechuun waan qabnu kanaan fuulduratti akka fiignuuf nu wajjin dhaabachuu qaban jedha.

Ummanni keenya, nuti Oromoonuu qabeenya turizimii hammamii akka qabnu sirriitti hinhubanne. Kana hubachiisuurratti cichee hojjechuun barbaada. Hawwata turizimii hedduu Oromiyaan qabdu sirriitti beeksisuun waanin barbaaduuf kanarratti ummanni keenya nu duukaa hiriiruu qaban jedha. Qabeenya qabnu sirriitti ilaallee beekuu qabna. Daaw'achuus qabna. Akka namoonni biroollee dhufanii ilaalan gochuun nurraa eegama. Sababiinsaas, dursinee ofumarratti hojjechuun waan qabnuufi.

#### Ofirratti hojjechuun

Otoo ofirratti hinhojjetiin, ilaalcha



Miis Turizimii Oromiyaa Maahidar Fiqaaduufi Haliimaa Abdulshakur (bitaa gara mirgaatti)

turizimiidhaaf qabnu hinjijjiiriin warra kaan waa'ee turizimii Oromiyarratti ilaalcha gaarii akka qabaatan gochuu hindandeenyu. Kanaaf duraan dursinee ofirratti hojjechuu qabna ejjennoo jedhuun qaba. Hunda dura waan qabnu ofumaa barree, kunuunsinee kottaa ilaalaa jechuutu nurra jiraata. Hawwata turizimii qabnu beekumsaan hogganuu qabna.

Yoo kana goonee turistoonni waantota miidhagoofi hawwato qabnu nuu jaalatani dhufanii ilaaluu danda'u. Yoo turistoota addunyaa bal'inaan waamnee waan qabnu hindaaw'achiisne eessayyuu ga'uu hindandeenyu. Kanaaf duraan dursinee ofirratti hojjechuu qabna ejjennoo jedhun qaba.

#### Yeroon itti hinjifadhe kun...

Yeroo ittihinjifadhe kun yeroo Komishiniin Turizimii Oromiyaa sochii cimaa taasisaa jirutti waan ta'eef carraa guddaa naa kenna jedheen amana. Waanin Oromiyaa keessatti hojjechuu barbaadu akkan hojjeedhee milkeeffadhuuf carraa guddaa naa baneera jedheen yaada. Anis carraa guddaa kanatti fayyadamee bakka yaadameen ga'uun barbaada.

#### Maatii

AbbaankooFiqaaduuLammaaGammachuu jedhama. Haati koo Askaalaa Alamuu jedhamti. Obbolaa dhiiraa laman qaba. Ani intala hangafa. Maatii koorraa kunuunsa

addaa argadheera jechuu hindanda'u. Garuu akkan ofitti amanamummaa guddaa qabaadhu taasisanii na guddisan. Mul'atan qabu akkan milkeeffadhuuf na gorsaafi na jajjabeessaati kan na guddisan. Ani cimee hojjeedhee sadarkaa jalqabaarran jira jedheen amana.

#### Ergaa

Ergaan dabarsuu barbaadu, shamarran, dubartoonni naannoo keenya keessa jirtan hundi dandeettiin keenya hammam akka ta'e eenyuyyuu ni beeka. Jijjiirama biyya tokkoo keessatti gumaacha olaanaa akka qabnu sirriitti hubachuu qabna. Mataa ol qabannee of qopheessinee tattaafachuu qabna. Of fooyyessaa xiyyeeffannoodhaan hojjechuus qabna.

Yoo kana goone Oromiyaafi biyya keenyaaf bu'aa guddaa buusuu dandeenya jedheen amana. Kana malees ummanni Oromoo hundi Komishinii Turizimii Oromiyaa wajjin haala addaatiin hojjechuu qaba. Yoo akkas ta'e gama turizimiitiin jijjiirama guddaa galmeessisuu dandeenya. Walumaa galatti hirmaannaa guddaa haa taasisnu jechuun barbaada.

Haliimaa Abdulshakur (Miis Turizimii Oromiyaa jalqabaafi Ambaasaaddara Turizimii Oromiyaa kan Afrikaa Bahaa si'anaa)



# AADAIFI AARTII

## Ayyaana Masqalaa gama duudhaa amantii, aadaafi hawaasummaatiin

### Nastaannat Taaddasaatiin

Itoophiyaan hambaalee 15 ‘UNESCO’tti galmeessisuudhaan biyyoota Afrikaa keessaa sadarkaa jalqabaarratti argamti. Hambaalee biyyattii hamba addunyaa ta’anii galmaa’an keessaa 11 kan qaqqabataman (tangible) yoo ta’an, afur hambaalee kiliyaa (hinqaqqabatamnedha).

Ayyaanni Damaraa Masqalaa (Mijjirii), Sirna Gadaa, Ayyaanni Cuuphaafi Ayyaanni Fiichee Cambalaallaa) hambaalee kiliyaa qabeenya addunyaa ta’anii galmaa’aniidha. Hambaaleen kunneen kan saba, amantiifi biyya tokkoo ta’uurra darbanii hamba addunyaa waan ta’aniif duudhaa ayyaanota kunneenii eeguufi kunuunsuun dhaloota dhufutti dabarsuun gahee hunda keenyaati.

Ayyaanni Damaraa Masqalaa hamba kiliyaa addunyaa ta’ee ‘UNESCO’tti erga galmaa’ee waggoota 10 lakkoofsiseera. Ayyaanni kun Roobii darbe sirna ho’adhaan kabajamee ooleera. Biirron Aadaa, Artiifi Turizimii Magaalaa Finfinnee Wiixata darbe Ayyaana Masqalaa baranaa sababeffachuun Simpooziyeemii marsaa 2ffaa mataduree “Ayyaanni Damaraa Masqalaa seenaa barootaafi ibsituu tokkummaa biyyalessaafi sabdaneessummaa” jedhuun Galma Abbaa Taayitaa Hambaalee Itoophiyaatti adeemsiseera. Abbootiin Amantii, Abbootiin Gadaa, Haadhooliin Siinqee, jaarsoliin biyyaa, hayyoonni, artistootni, hoggantoonni mootummaafi keessummoonni gara garaa saganticharratti argamuun waraqaalee qo’annoo dhiyaatanirratti marii bal’inaan taasifameera.

Bataskaana Ortodoksii Itoophiyaatti, Ittigaafatamaan Qajeelcha Lallaba Wangeelaafi Ergama Duuka Bu’ummaa



Suuri: Gabuuboo Gabreetiin

Ayyaanota ummataa ibsituu tokkummaa

Doktar Abbaa Qaalatsidqi Mulugeetaa duudhaa Ayyaanni Damaraa Masqalaa gama amantiitiin qaburratti waraqa qo’annoo dhiyeessaniin akka jedhanitti, Ayyaanni Damaraa Masqalaa haala duudhaa amantii, aadaafi hawaasummaasaa eegen kabajama. Ayyaanichi mallattoo jaalalaa, nageenyaa, bilisummaa, tokkummaafi abdiiti. Ayyaanni Damaraa Masqalaa kun hamba kiliyaa biyyalessaafi addunyaa ta’ee ‘UNESCO’tti kan galmaa’e bara 2006 ta’uufi ergasii as ammoo caalaatti tuuristoota hawwachuun madda galii dinagdee biyyaa utubu ta’eera jedhu.

Ayyaanni Damaraa Masqalaa miidhaginaafi faaya keenya waan ta’eef ayyaana hundumtuu waliin kabajuudha. Ayyaanichi aadaa uffannaa keenyaa ibsuufi dizaayiniin uffannaa aadaa haala ammayyaa’aa

ta’een akka qophaa’u taasisuu keessattis gumaacha olaanaa taasisaa jiraachuu eeranii, ummanni biyyattii ayyaanicha addabaabayii, naannawaafi manasaa biratti haala miidhagaafi hawwataa ta’een kabajaa jira. Ayyaanichi duudhaalee obbolummaa, jaalalaa, tokkummaafi waliin jireenyaa cimsuu keessattis gahee olaanaa kan qabu ta’uu himu.

Masqalli ayyaana jalqaba ji’a bara haaraa ykn waqtii birraan bari’utti kabajamu waan ta’eef hunduu abdiin guddaadhaan eeggata; kabajas. Ayyaanni masqalaa ganni darbee birraan bari’uu ykn ifni dhufuu labasa. Namoonni wal lolan ayyaanichaan dura waan walitti araaramaniif duudhaa araaraafi nageenyaa cimsuu keessattis gahee guddaa qaba.

Simbirri Masqalaafi habaaboona hadaa

(keelloo) waqtii birraa qofa waan argamaniif ayyaana kanaaf miidhagina addaa kennu. Simbirri masqalaa ji’a birraatti baallee haaraa magarsanii mul’atu. Habaaboona hadaa (keelloo)s waggaa keessatti yeroo tokko ykn waqtii birraa kana daraaree mul’ata. Simbirri Masqalaafi habaaboona hadaa waggaaatti yeroo tokko (waqtii birraa) waan mul’ataniif ayyaana Masqalaa waliin hidhata kan qaban ta’uu eera.

Saboonni, sablammoonniifi ummattoonni biyyattii Ayyaana Masqalaa akkuma waliin kabajan duudhaa ayyaanichaa eeguufi beeksisuurrattis waliin hojjechuu akka qaban yaadachiisanii, Ayyaanni Damaraa Masqalaa ‘UNESCO’tti erga galmaa’ee as qabeenya biyya keenyaa ta’uurra darbee kan addunyaa ta’eera.

Gara fuula 14 tti



## Ayyaanota bara haaraa saboota kibbaa nagaafi wajjuma labasan



### Charinnat Hundeessaatiin

Saboonniifi sablammoonni biyya keenyaa keessumaa waggoota shananii as duudhaalee aadaawwan eenyummaasaanii ibsan qabatanii, saboota kaan jaalalaan wajjin jiraataniifi ollaa qe’eesaaniitti affeerrachuun sirna ho’adhaan kabajataa jiru, ayyaana jijjiirraa bara haaraasaanii.

Ayyaana jijjiirraa bara haaraa kana Hadiyyaan Yaahodee, Walaayitaan Yooyyoo Gifaataa, Sidaamaan Fiichee Canbalaalaa, warri kaanis Masalaa, Maashqaaroo, Gaariwooroo, Heebo, Yoo Masqalaafi

Gaazee... jechuun sirnoota adda addaatiin haala tokkummaafi wajjumaasaanii ibsuun kabajatu. Maalummaa, ergaafi xiyyeeffannaa ayyaanota Gifaataafi Yoo Masqalaa gabaabinaan haa ilaallu mee.

Yooyyoo Gifaataa

Gifaataa jechuun ce’uu jechuudha. Kunis moofaarraa gara haaraatti, dukkanarraa gara ifaatti ce’uu jechuu kan ibsuudha. Gifaataan ji’a jalqabaa waggaa.

Gifaataa uffata adii uffachuudhaan tapha hangafaa gaazee jedhamu wajjumaadhaan taphachuun kan kabajamuufi dhalootarraa

dhalootatti darbaa dhufeedha.

Gama kaaniin daa’imni hangafaa Walaayittaa yoo dhiira ta’e ‘Gifaatoo’, yoo dubara taate ‘Gifaatee’ jedhamuun waamamu. Akkuma irrannatti jenne Gifaataa jechuun ce’uu jechuu yoo ta’u, waggaa gara waggaa, gadheerraa gara gaariitti ce’uu kan agarsiisuudha. Dilbanni baatiin Fulbaanaa seenee guyyoota 14 hanga 20 jidduu oolutti waggaa haaraa simatu. Maqaan Dilbata guyyichi irra oolus ‘Shuhaa Waggaa’ Dilbata qalmaa jedhama.

Yoo Masqalaa

Masqalli saba Gaamoo biratti ayyaana hawwii eegamuufi naannawawwan biyya keenyaa biroorra iddoo miidhagini ayyaanaa haala adda ta’een irraa mul’atuudha. Namoonni naannawaa ‘Yoo Masqalaa’ jedhanii waamu. Baga nagaan nu dhufe jechuudha. Ayyaana jijjiirraa baraa sabichaa ta’uun adda isa taasisa.

Yoo Masqalaan saba Gaamoo biratti hunduu haaloosaa dagatee araaraan, dhiifamaan, nagaafi wajjumaadhaan yaadaafi gocha hamaa keessaa bahee kanitti hafuura haaraadhaan haareffamuudha.

Gara fuula 14 tti



# ODUU



Obbo Geetaachoo Gizaawu

## Kunuunsaa bilqiltoota sagantaa ashaaraa magariisaatiin dhaabamaniif waamichi dhiyaate

Gammachuu Kadirin

**Finfinnee:** Sagantaan goolabbii ashaaraa magariisaa marsaa lammaffaa waggaa tokkoffaa Ministirri muumme Abiyyi Ahimad(PhD) tibbana godina Shawaa Bahaa, aanaa Loomceetti taasisan hordofee kunuunsi biqiltoota dhaabataniif akka taasifamu Koreen Teknikii Ashaaraa Magariisaa Biyyaalessaa waamicha dhiyeesse. Hanga ammaattis biqiltoota biliyoona 32fi kuma 500 dhaabamuus ibseera.

Qindeessaa ittaanaan korichaa ee Obbo Geetaachoo Gizaawu Wiixata darbe ibsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin, hawaasi sagantaa ashaaraa magariisaan biqiltoota dhaabbataniif kunuunsa ittifufiinsa qabu akka taasisu waamicha dhiyeesaniiru. Biqiltuu dhaabuu qofti waan manii hintaanef hanga bu'aa barbaadamu argamutti biqiltoota dhaabaman kunuunsuun hojii boqonnaa ittaanu ta'uu qaba.

Akka ibsa isaanitti, barana qofa sadarkaa biyyaatti sagantaan ashaaraa magariisaan biqiltoota biliyoona torbaafi miliyoona shantu dhaabame. Biqiltuun yeroo garaagaraa dhaabaman kana akka qaroo ijaatti kunuunsuun hundarraa eegama.

Irra jireessi biqiltuun kunneenii yaa'aa laggeenii hordofanii waan dhaabataniif lolaan laggeen akka hin seenne taasisuun roobin lafa akka seenu taasisuun madaalli sirnakoo naannawaa eegisuun kunuunsa biyyeefi bishaanii akka mirkaneessan ibsaniiru.

Milkaa'inni ashaaraa magariisaa hanga bishaan lafa jalaafi lafa irraa dabaluu burqaaleen bishaanii goganis mirgisiisuun bu'ura diinagdee biyyaa qonnaaf gumaacha olaanaa taasisa. Hanga bishaanii dabaluu guutiinsa hidha abbayyaaf tumsuun cinatti aramaa booceefi kanneen qulqulleessuun qulqullina qaamman bishaaniif shooraa olaanaa qabas jedhaniiru.

Rooba harkisuu dabalatee ashaaraan magariisaa shooraa olaanaa qabaachuu himanii; walittifufiinsa biqiltuun dhaabbataniif kunuunsa taasisuun lammiilee biyyattii hundaarraa eegama jedhaniiru. Mootumaanis, kanaaf ashaaraa magariisaatti xiyeffaannoo ilaachuun hojiirra oolchaa jira jedhaniiru.

Dhaabbiin biqiltuu sagantaa ashaaraa magariisaan taasifamaa jiru bu'aa biyyaa qofaaf osoo hin taane sadarkaa gaafa Afriikaattuu dhiibbaa uumaa jira jedhanii; Waliigaltee sadarkaa idila addunyaatti Itoophiyaan mallatteessite hojiirra oolchuun keessatti keessumaa jijjiirama qilleensaa ittisuufi fakkeenyummaan Itoophiyaa olaanaa ta'uu ibsaniiru.

Itoophiyaan haga ammaattii Sumaalee, Eertiraa, Sudaan Kibbaafi Jibuutiif, biqiltuu qooduushee yaadachiisanii; Keeniyaan bara 2030tti biqiltuu biliyoona 15 dhaabuuf ifoomsuun bu'aa fakkeenyummaa Itoophiyaa ta'uu ibsaniiru.

## Mootummaan seektarri turizimii dilbii hintuqamne ta'uu hubatee xiyyeeffannoo guddaan irratti hojjechaa jira

Natsaannat Taaddasaatiin

**Finfinnee:** Torban Turizimii Oromiyaa marsaa 3ffaan Fulbaana 13-15 bara 2016tti Finfinnee, Hoteela Iskaaylaayitiitti adeemsifameera. Biyyootni Ugaandaa, Yugaandaa, Keeniyaafi Chaayinaa saganticharratti argamaniiru. Biyyoota kunneen dabalatee waldaaleen gara garaa saganticharratti omishaaleefi tajaajilootaasani agarsiisaaf dhiyeesaniiru.

Cufiinsa gareen industirii turizimii Ugaandaa Ruwaandaa akkasumas waldaaleen agarsiisawwan gara garaa saganticharratti dhiyeesaniif beekamtiifi badhaasni kan kennameef yoo ta'u, Shamarree Maahidar Fiqaaduu dorgommii miidhaginaa Miis Turizimii Oromiyaa bara 2016 mo'achuun filatamuun badhaafamteetti. Bareedduu Miis Turizimii Oromiyaa bara 2015 kan turte shamarree Hawwii Maatiyoos, gonfoo bareedinaa Miis Turizimii Oromiyaa bara 2016 kan injifatteef dabarsitee kenniteetti.

Pirezdaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa cufiinsa saganticharratti haasaa taasisaniin akka jedhanitti, mootummaan seektarri turizimii dilbii hintuqamne ta'uu hubatee dinagdee naannoofi biyya keessatti gumaacha barbaachisu akka taasisuuf inisheetivoota haaraa yeroo gabaabaa keessatti jijjiirama barbaadamu fiduu danda'an bocuun hojjiitti galeera.

Komishiniin Turizimii Oromiyaa ergama guddaa mootummaa naannichaatiin itti kenname fudhatee hojiitti erga galee waggoota muraasa ta'us, umrii hundeeffama waggaa sadii keessatti sadarkaa naannoofi biyyaatti hojjelee bu'a qabeessa gurguddoo raawwachuudhaan akka zoonii Afrikaa Bahaatti dadammaqiinsa guddaa uumuu danda'eera.

Agarsiisawwan sagantaa Torban Turizimii Oromiyarratti dhiyaataniin hojjelee abdi hedduu namatti horan argineerra kan jedhan Obbo Shimallis, gama birootiin carraa hojii seektarichi maddisiisu: tajaajila geejjibaa, dhiyeesii meeshaalee aadaa, madaqsa teknoolojii, tajaajila hoteelaafi iddoowwaan bashannanaafi kan kana fakkaatan irraa fayyadamaa ta'uuf hataattamaan



Omishaalee Obbo Yusuuf Mahammad dhiyeesan keessaa



Hawwanii Isheetuu

raawwiitti galuu qabna jedhan. Sochii hanga ammaatti jiruun hoji manee baay'een kan nufahan ta'us, gama hundaan onneerraa hojjennaan wanti nuti jijjiiru hindandeenye akka hinjirre kan mirkaneessuudhas jedhu.

Dhumarratti qopheessaa sagantichaa Komishinii Turizimii Oromiyaa, deeggartoota seektarichaa, dhaabbilee hojiifi tajaajilaa akkasumas kalaqa gara garaa agarsiisaaf dhiyeesan akkasumas qaamolee milkaa'ina sagantichaa keessatti qooda fudhatan mara galateeffataniiru.

Godina Arsii Lixaa, Nagallee Arsii, Magaalaa Leephiisirraa kan dhufan Obbo Yusuuf

Mahammad Leemmanirraa hojjelee kalaqaa adda addaa qabachuun saganticharratti argamaniiru. Ogummaa hojii harkaa kana guddifachuuf yeroo lama Hinditti leenji'anii deebi'uufi yeroo ammaa leemmanirraa faayaawwaniifi meeshaalee gara garaa mimmiidhagoo hojjechaa jirachuufi turistoonillee bakka hojiisaaniitti isaan dawwachaa jiraachuu dubbatu.

Leemman hojiif isaan barbaachisu ofumaa dhaabani itti fayyadamaa jiraachuu himanii, omishaaleen isaan leemmanirraa hojjechaa jiranis gaba guddaa kan qabu ta'uufi agarsiisichis caalaatti walittihidhamiinsa gaba isaaniif uumuun galiisaanii guddisuuf kan gargaaru ta'uus eeraniiru.

Gara fuulduraatti hojii kana caalaatti babal'isani hojjechuu kan barbaadan ta'uufi yoo mootummaan maashiinota hojiif isaan gargaaru kan dhiyeesuuf omishaalee qulqullina qaban baay'inaan dhiyeesuuf kan hojjetan ta'uu eeru. Omishaalee biyya keessaatti fayyadamuun baasii waan xiqqeessuu hojii kanarratti namoota biroos leenjisuuf qophii ta'uu himaniiru.

Maanaajara Waldaa Daawwachiisaafi Imalaa Wancii (Wanchi Tour and Travel PLC) Hawwanii Isheetuu waldaalee Torban Turizimii Oromiyarratti tajaajilasaanii beeksisuuf dhufan keessaa ishee tokko yoo

Gara fuula 13tti

## Rakkoo qaala'iinsa gatii furuuf mootummaan gaba to'achuu qaba

Taamiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Rakkoo qaala'iinsa gatii furuuf mootummaan gaba to'achuu akka qabu Yunivarsiitii Siviil Sarvisii Itoophiyaatti hayyuun dinagdee Caalchisaa Amantee (PhD) ibsan.

Doktar Caalchisaa yaada Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaatti qaala'iinsa gatiif sababootni hedduun jiraatanis mootummaan qixa sirriin gaba hogganuurratti hanqinni jiraachuun sababa ijoodha.

Biyyattiitti irra jireessaan sochiin gaba faddaalotaafi harka namoota dhuunfaatti kufeera kan jedhan hayyichi qaamotni gaba harkatti galfatan kunniin gatii gaba akka isaaniif ta'utti murteessaa jiraachuu himaniiru.

Qaamotni kunniin dhiibbaa siyaasaa uumuufis ta'e bu'aa hinmalleef argachuuf yeroo barbaadanitti akka barbaadanitti mi'ootarratti gatii dabalaa jiraachuu eeranii;

omishaafi omishtummaan dabalaa jiraatus, sababoota adda addaatiin omishni gabaarratti argamu fedhii shamattootaa wajjin walmadaaluu dhabuunis qaala'iinsa gatiif sababa ta'uu dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, rakkoon nageenyaa iddoowwan tokko tokkotti mul'atu qaamni omishu tasgabbaa'ee akka hinomishne gochuun, galteewwan qonnaa hanga barbaadamu qonnaan bulootaa bira akka hingeenye gochuufi omishni omishame gabaaf akka hindhiyaanne taasisuun rakkiniichi akka uumamu taasisaniiru.

Sababa jijjiirama qilleensaatiin hawaasni baroota keessatti omishtummaadhaan beekamu filannoo biraa waan hinqabneef harkasaa deeggarsaaf diriirsuun omisha iddo biraatti hirkataa ta'ee akka jiraatu taasisuus himaniiru.

Qarshiin baay'inaan gara gabaatti gadilakkifamuunis sababoota qaala'iinsi gatii akka uumamu taasisan keessaa isa tokko kan jedhan Doktor Caalchisaa; keessattuu qarshiin karaa gaba gurraachaatiin gaba



Doktar Caalchisaa Amantee

keessa socho'u gaba biyyattiiratti dhiibbaa guddaa uumaa jiraachuu eeraniiru.

Qaala'iinsa gatii hir'isuuf labsii maallaqaa fooyyessuuf wixineen labsii dhiyeenya kana Baankii Biyyaalessaatiin bahe daran kan gargaaruudha kan jedhan Doktor Caalchisaa; labsicha raggaasisuun qixa sirriin hojiitti hiikuun barbaachisaa ta'uu dubbataniiru.



## Mootummaan seektarri...

taatu, ka'umsi maqaa waldichaa Haroo Wanciiti. Haroon kun Finfinneerraa kiilo meetira 130 fagaatee Magaalaa Amboofi Walisoo gidduutti argama. Haroon kun iddoowwan hawwata turizimii Oromiyaa misoomaa jiru keessaa isa tokko yoo ta'u, hojiin ijaarsa iddoo turizimii harichaa dhiyeenyatti kan xumuramu ta'uu eerti.

Waldichi tikeetii biyya keessaafi alaa qopheessuun hojii turizimiiratti hojjechaa jiraachuu eertee, dhaabbileen sadarkaa Oromiyaafi akka biyyaatti jiran dhimma hojii, leenjii, walga'iwwan gara garaatiif biyya alaa deemuu yoo barbaadaniif waan barbaachisu hunda miyeessuufiin imaloota tajaajilaa jira. Waldichi addatti qabeenya turizimii Oromiyaa beeksisuurratti xiyyeeffatee kan

hojjetu ta'uus eerteetti.

Haalli nageenya biyyattii guutummaatti utuu mirkanaa'ee hojii turizimii Oromiyaa ta'e biyyattii kana caalaatti sochoosudhaan galii damee kanarra argamu caalaatti guddisuun ni danda'ama kan jettu Hawwiin, turizimiin damee galii dolaaraan argamsiisuudha waan ta'eef rakkoo nageenya biyyattii guutummaatti furuun dhimma murteessaadha jetti.

Iddoowwan hawwata turizimii Oromiyaa adda baafamanii misoomaa jiran keessaa Haroo Wanciifi Haroon Dandii adda durummaan eeramu. Kanaan dura iddoowwan hawwata turizimii Oromiyaan qabdu adda baasuu, misoomsuufi beeksisuurratti bal'inaan hojjetamaa hinturre. Yeroo ammaa

garuu mootummaan damee turizimii misoomsuufi guddisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Iddoowwan hawwata turizimii Oromiyaa adda bahuu, misoomuufi beeksifamuu kan jalqaban erga Komiishiniin Turizimii Oromiyaa hundaa'ee booda ta'uuf gara hojii kanaatti akka dhufaniifis kaka'umsa kan nutti hore hojii komiishinichi hojjechaa jiruudha jetti.

Dameen hojii kun namoota baay'eeff carraa hojii uumuufi dinagdee biyyaa utubuu keessatti gahee guddaa waan qabuuf xiyyeeffannaan hojii kanaaf kenname cimee itti fufuu akka qabu kan eertu Hawwiin, 'Visit Oromia'nis qabeenya turizimii naannichaa beeksisuurratti hojii ajaa'ibaa raawwachaa jiraachuu eerteetti.

## Ayyaanni Moolidaafi Masqalaa...

buutotasaanii gara Itoophiyaatti yeroo ergan duudhaa nama jaalachuufi kabajuu Itoophiyaanotaa waan beekaniif jedhaniiru. Kanaaf duudhaan nama jaalachu cimee ittifufuu qaba jedhaniiru.

Ministirri ministeera aadaafi ispoortii Obbo Qajeelaa Mardaasaa ergaa isaanii keessatti ayyaanotni yeroo kabajaman jaalalli, nageenyiifi tokkummaan lallabamuu qabu jedhaniiru.

## Kabaja ayyaanotaatiif...

Qophiilee kanneen ilaalchisuun Hogganaan Waajjira Kominikeeshinii Magaalaa Shaggar Obbo Naasir Huseen Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka himanitti, hundeeffamni magaalaa Shaggar akkuma ayyaana Irreechaa calaqqee Oromoofi Oromummaa ta'uu bira tartee magaalaa tokkummaafi obbolummaan keessa jiraatamaa jirtuudha. Haaluma kanaan ayyaanonni Moolidaafi Masqalaa haala duudhaasaanii eeggataniin kabajamanii kan darban yoo ta'u, Irreechaa haala tokkummaafi obbolummaa ibsuun kabajuuf qophiin duraa roga maraan taasifamaati kan jiru.

Ayyaana Irreechaa kabajuun keessumoota

godinaalee garagaraa, biyya keessaafi alaa dhufan simachuuf Shaggar ollaashee Finfinnee waliin harka walqabattee hojjechaa jirti jedhanii; seensaafi baha magaalaa Shaggar hundatti waan qabduun keessumoota simachuuf dhiyeessiin nyaataafi bishaan dhugaatii ni taasifamas jedhaniiru. Kan nyaataafi bishaan dhugaatii taasisus kara deema osoo hin taane qaama beekamu akka ta'es dubbataniiru.

Keessattuu kabajni ayyaana Irreechaa maalummaa saba Oromoo beeksisuun ala nyaataafi uffannaa aadaa Oromoo biyya keessaafi biyya alaatti beeksisuu keessatti

shoorrisaa olaanaadha.

Kabaja ayyaanichaatiif keessumootni

keessaafi alaa dursanii dhufan kan boqotan hunda caalaa magaalaa Shaggar waan ta'eef akka carraa addaatti itti fayyadamuuf abbootii qabeenyaaf hubannoon kennameera.

Kabajni Irreecha Hora Finfinnees ta'e sana booda keessumoota Hora Harsadeef Bishooftuutti imalan nageenyasaanii karaa guutuu ta'een eeguuf Milishaa, Gaachana sirnaafi Foollee dabalatee qaamotni nageenyaa sadarkaan jiran qophii xumuruu eeranii; hirmaannaa hawaasa bal'aaf hojiin hubannoo

uumu hojjetamuu beeksisaniiru. Gama kanaan bulchiinsa magaalaa Finfinnee waliin qindoominaan kan hojjetamu akka ta'es yaadachiisaniiru.

Gama biroon garaagarummaa amantaafi Irreechaa jechuunis amantaan kan dhuunfaa, aadaan ibsituu eenyummaa ta'uusaarratti abbootii amantaa waliin marii bal'aan taasifame bu'a qabeessa ta'uu eeranii; gama biroon ammoo ayyaanonni aadaafi amantaa sadarkaa addunyaatti galmaa'an maqaa biyyaan waan galmaa'aniif Irreechis kanumaaf deema waan ta'eef duudhaa waloo ta'uun hubatamuu qaba jedhaniiru.

## Obbolummaa ummata...

Beenishaangul Gumuziifi Gaambeella beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Firoomsaa Salamoon ibsa addatti Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, waajjirichi hariiroo obbolummaa ummatoota naannoolee Oromiyaa, Beenishaangul Gumuziifi Gaambeellaa keessa jiraatan cimsuuf kan hundaa'edha.

Waajjirichi hojiilee bu'aaqabeeyyii hedduu hojjechuusaafi hojjechaa jiraachuus eeranii, hariiroo ummatoota naannoolee kanneenii cimsuuf hojiileen misoomaas wajjumaan adeemsifamaa jiraachuu dubbataniiru.

Hojii misoomaa hojjetamaa jiran keessaa tokko hojii daandii ta'uu kan eeran Obbo Firoomsaa, daandiin godinaalee Oromiyaa naannoolee lamaan wajjiiin walqunnamsiisan hojjetamaa akka jiran ibsaniiru.

Hariiroon obbolummaa jalqabame bu'aa buusaa jiraachuus himanii, ummata Oromoo Beenishaangul Gumuziirraa bara 2011 buqqa'e qe'eesaatti deebisuun qaamuma walittidhufeenya cimaa jiru kanaati jedhan.

Gama aadaatiinis waajjirichisaanii saboonni aadaafi duudhaa walii gochuudhaan obbolummaan akka cimuu taasisaa jira

kan jedhan Obbo Firoomsaan, Oromoon naannoolee Beenishaangul Gumuziifi Gaambeellaa keessaa jiraatu afaaniifi aadaasaa akka guddifatuuf xiyyeeffannaadhaan hojjetamaa jiraachuu beeksisaniiru.

Ayyaana Irreechaa baranaa naannoolee kunneenitti bifa ho'aa ta'een kabajuufis qophii bal'aan taasifamaa jira jedhaniiru.

Hojii hojjetamaa jiruun Naannoo Beenishaangul Gumuz qofatti manneen barnootaa 20 keessatti akkasumas Naannoo Gaambeellaatti manneen barnootaa hedduu keessatti Afaan Oromootiin barnootni kennamea jiraachuu eeraniiru.

## Hanqina humna elektirikii...

Ministir de'eetaan tajaajilichaa Aadde Salaamaawit Kaasaa akka jedhanitti, pirojektiin madda anniisaa elektirikii Koyishaa pirojektota jijjiirama biyyattiitti dhufeen lubbuu horatan keessaa isa tokko. Pirojektiin kun Laga Oomorratti

kan ijaaramaa jiru wayita ta'u ummata naannichaa hammatee fayyadamoo taasisaa jira.

Paarkiin Cabaraafi Curcuraas pirojekticha madheeffateera. Sababa pirojektii kanaatiin daandiin kiiloo meetira 50 lagicharratti

ijaarame ummata addaan citee ture walqunnamsiisuun dinagdeefi hawaasummaa cimsaa jira.

Pirojektichi hanqina anniisaa elektirikii furuu bira darbee sochii investimantii dagaagsuun guddina biyyaaf shoora guddaa taphata.

## Tajaajila Lammummaan...

Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa ibsan.

Tajaajilli lammummaa dandeettii raawwachuu ummata Oromoo kan yaadaniin ol ta'uufi duudhaa humneessoo ummatichaa sababa adda addaatiin adda citee ture irra deebiin gonfachuuf karra banuusaa hubachiisan.

Hoggansi jijjiiramaa Naannoo Oromiyaa rakkolee misooma naannicha ukkaamsanii qabaniifi furmaata isaanii ilaalchisee dhimmoota akka tarsiimoo, imaammataafi misooma waliigalaa irratti qorannoo yabuu muuxannoowwan biyya keessaafi idiladunyaarratti sakatta'iinsa taasisse gaggeessuun bu'aa qorannoo kanaa muuxannoo biyyoota addunyaa walitti makani hojiitti hiikuun firii gaariin argamuu eegalamusaa ibsaniiru.

## "Anis akkuma atileetota..."

**Maal maal raawwatteeta?**

Yeroon Miis Turizimii Oromiyaa ta'ee filatametti Ambaasaaddara Biraandii Biiftuu Oromiyaan ta'een hojjetaa ture. Hojii 'Viziit Oromiyaan' hojjetaa jiru isaan bakka bu'ee gara miidiyaatti fiduun Ambaasaaddara ta'een tajaajilaa ture.

Akkasumas iddoowwan adda addaatti argamuun Oromiyaan gama aadaatiin maal akka qabdu beeksisaan ture. Ambaasaaddara biraandii ta'ee waggaa tokkoofin hojjeedhe. Erga gonfoo Miis Turizimii Oromiyaa nama biraattu dabarsee booda Ambaasaadda Miis Turizimii Oromiyaa kan Afrikaa Bahaa ta'een hojjetaa jira.

Amma Komishinii Turizimii Oromiyaa wajjin Oromiyaa Afrikaa Bahaatti beeksisuurratti xiyyeeffadheen hojjechaa jira. Kana keessatti

hojiin Miis Turizimii Oromiyaan hojjetuu waa'ee aadaa, iddoowwan hawwata turizimii beeksisuurrattin hojjechaa jira.

**Miis Turizimiin Oromiyaa ammaa maal hojjechuu qabdi?**

Oromiyaa beeksisuun waa'ee nama dhuunfaa ykn dhaabbata tokkoo qofa miti. Tokkoffaa Oromiyaa beeksisuuf filatamuun kabaja guddaadha. Saba guddaa duudhaaleefi lafa turizimiif ta'u bal'inaan qabu kana bakka bu'anii beeksisuun kabajaafi carraa guddaadha. Kanaaf Oromoon hundi ambaasaaddara turizimii Oromiyaa waan ta'eef waan danda'ameef hunda hojjechuu qaba.

**Hawwii**

Oromiyaan numa jidduutti hafe. Waa'eeshiifi maal akka qabdu numatu beeka. Waa'ee

miidhagina teessumashifi lalisummaashii walumaan jedhaafi faarsaa baane. Addunyaan hinargine. Addunyaa mitii namoonni ollaa keenya jiran hinbeekan. Kanaaf waan Oromiyaan qabdu of bira dabarsinee addunyaaf ibsuu danda'uu qabna. Hundumtuu bakkuma jirutti ambaasaaddara biyya ofii ta'ee waa'ee biyyaafi naannoosaa himuufi beeksisuu qaba. Iddoowwan hawwata turizimii ibsuun qooda hojii mootummaa qofa akka hintaane hubatamuu qaba.

**Sochii Komishinii Turizimii Oromiyaa**

Komishiniin Turizimii Oromiyaa erga hundaa'ee reefu waggaa sadii ta'a. Garuu hojii waggoota 30 raawwate jechuun ni danda'ama. Qaamoni adda addaa qooda qoodaasani gumaachanillee Komishiniin Turizimii Oromiyaa garuu namoota muraasaan waan guddaa hojjeteeera.

Kun milkaa'ina guddaadha. Naannawa ittihalannee ala Oromiyaan maal akka fakkaattu hinbeeknuuyyu. Komishinichi garuu akka Oromiyaa beeknu nu taasisaera. Hariiroon naannawaafi biyyoolessaa akka cimuu taasisaera. Fakkeenyaaf agarsiisa torban turizimii Oromiyaarratti biyyoonni Keeniyaa, Ugaandaa, Ruwaandaa, Gamtaan Emerectota Arabaafi Chaayinaafaan hirmaachuun kanaaf fakkeenya gaariidha.

Biyyoonni kunniin kanaan dura Oromiyaan maal akka qabdu hinbeekan ture. Akkuma beekamu waa'een turizimii biyya kanaa kallattii murtaa'e tokkoratti kan fuulleffate ture. Har'a garuu waan gama kanaan jirus agarsiisu dandeenyerra. Kanaaf ammoo hawaasni bal'aan Oromoo, mootummaafi Komishiniin Turizimii Oromiyaa galata qabu.



## Irreechas akkuma...

Kana malees humni waloo keenya tajaajila lammummaa, Buusaa Gonofaa, Gaachanni Sirnaafi Manni Murtii Aadaa karoora keenya cimsee riqicha amasiisaa boruu keenya ittiin ijaarru ta'ee kan nu gargaaru ta'uun xiyyeeffannoon kennameefiira.

Manii qabame milkeessuufis Oromoon walhubatee gurmaa'ee waliin dhaabbatee qormaata isa mudatu hunda waloon qolachuufi nageenyasaa tikfachaa injifannoosaas bulfachuun egereesaa bu'uura jabaarratti cimsee akka ijaarratu waamichan dhiyeessa.

Ummanni wayita ayyaana kana kabaju gootota ilmaan sabaafi sablammootaa kaayyoo finxaaleyyii dura dhaabachuun kabaajaafi ulfina naannoofi biyyaa tiksan yaadachuufi kabaja kennuu, maatiisaanii deeggaruun haalaan barbaachisaadha. Kan rakkate gargaaruu, kan dheebote dheebuu baasuufi kan daares uffisuun walbira dhaabachuu qabna.

Waqtichi waqtii manneen barnootaa saaqamaniifi barattoonnis barnootaatti deebi'an waan ta'eef tajaajila lammummaa keenya cimsinee misooma waloo keenya akka milkeessinu waamicha dhiyeessuun barbaada. Ayyaanichi kan gammachuu, jaalalaafi tokkummaan keenya daran cimee sabdaneessummaan itti dagaagee biyya cimtuu hundaaf mijattuu taate itti ijaarru nuuf haa ta'u jechaa, ayyaanichi kan nagaa, jaalalaafi milkaa'inaa, akka nuu ta'un hawwa jedha ergaan Pirezidaantiin BMNO Obbo Shamallis Abdiisaa ayyaana Masqalaa dheengadda kabajame ilaalchisuun dabarsan.

Ministirri Muummee Abiyyi Ahmadis, "Akka Utubaa Damaraa gidduu keenya ta'uun hawaasa siyaasaafi dinagdee tokko taasisuun kan nu ijaaru sirna Federaalaati, Tokkummaa sabdaneessaati, Itoophiyummaa keenya. Itoophiyummaafi tokkummaa sabdaneessummaa ida'uun biyya jabduu, guddoofti cimtuu ijaaru nidandeenya" jechuun ibsan.

Egaa ayyaanni Irreechaa ummanni Oromoo sabootaafi sablamiilee biyyattii akkasumas turistoota alaa dhufan wajjin sirna ho'aadhaan Fulbaana 26fi 27 bara 2016 Finfinneefi Bishooftuutti kabajuuf qophiitti jira. Ayyaana Irreechaa asxaa tokkummaa, wajjumaafi obbolummaa ta'e kana akkuma Mawuliidaafi Masqalaa miira tokkummaa, jaalalaafi wajjumaatiin haa kabajnuun dhaamsa keenya.

## Iddoowwan hawwata...

keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uus himaniiru.

Itoophiyaan biyyoota Afrikaa keessaa biyya miidhagdeefi qabeenya turizimii hedduu qabaachuun beekamtu ta'uu himanii, iddoowwan hawata turistii kana misoomsuufi beeksisuun galii damicharra argamu guddisuurratti xiyyeeffatee hojjechuu akka qabduus yaadachiisaniiru.

Komiishiniin Turizimii Oromiyaa dhiyeenya kana gara Ruwaandaa dhufee Torban Turizimii keenyarratti kan argame ta'uu himanii, hariiroon

Kanaafuu duudhaa ayyaanichaa eegnee, kunuunsuufi beeksisuun dhaloota ittaanutti dabarsuun gahee hunda keenyaa ta'uu qaba. Ayyaanichi yeroo ammaa turistoota daran hawwachaa jiraachuufi maqaa gaarii biyyattii ijaaruufi addunyaatti beeksisuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jira. Ayyaanichi lammiilee Itoophiyaa biyyoota gara garaa jiraataniinis kabajamaa jiraachuu himu.

Damaraan mukoota walitti hirkisuudhaan dhaabbata. Mukoonni walitti ida'amani dhaabbatan mallattoo tokkummaafi jabina keenyaati. Nutis walitti ida'amnee yoo dhaabbanne ni bareedna; humnas ni qabaanna.

Tokkummaan bu'uura nageenya keenyaati. Kanaafuu Damaraan Masqalaa mallattoo tokkummaa, humnaafi nageenya keenyaati. Hundi keenya keessa keenyatti nageenya ni hawwina. Nageenya hawwinu kana mirkaneessuuf gahee nurra eegamu akka dhuunfaatti, gareefi biyyaatti bahachuu qabna jedhu.

Hambaan tokko 'UNESCO'tti erga galmaa'ee booda qabeenya saba tokkoo, amantii tokkoo, afaanii tokkoo, biyya tokkoo ta'uura darbee qabeenya addunyaa waan ta'uuf daangaa hinqabu kan jedhan Doktor Abbaa Qaalatsidqi, kanaafuu Damaraa Masqalaa dabalatee hambaalee keenya biroo beekamti addunyaa argataniifi qabeenya addunyaa ta'an waliin eeguu, kunuunsuu, beeksisuun dhaloota dhufutti dabarsuu qabna jedhu.

Barsiisaafi Gorsaan Inistiitiyuutii Leenjii Hoteelaafi Turizimii Obbo Maaruu Immanyyuu barbaachisummaa hambaalee kiliyaa aadaa qabanirratti waraqaa qo'annoo dhiyeessaniin akka jedhanitti, akka 'UNESCO'n ibsutti hambaalee jechuun qabeenya abbootiifi akaakilee keenyarraa dhaalleedha. Hambaaleen kan qaqqabatamaniifi hinqaqqabatamne jechuun bakka lamatti qoodamu. Damaraan Masqalaa hambaalee kiliyaa (hinqaqqabatamne) keessaa isa tokko.

keenya gama kanaan jiru gara fuulduraattis cimee itti fufuu qaba. Waltajjiin akkasii qabeenyawwan turizimii keenya gurguruuf ykn beeksisuuf guddaa nu gargaara. Biyyoota walii akka daawwanuufis carraa gaarii nuu uumeera jedhu.

Agarsiisawwan saganticharratti dhiyaatanis wantoota hundaa bakka tokkotti akka daawwataman taasisuun walitti hidhamiinsa cimaa uumuuf kan garaaran ta'uu himanii, sagantichi yeroo gabaabaa keessatti wantoota hedduu akka walirraa barannuufi waliif qoonuuf haala mijataa nuuf uumeera. Qaama sagantichaa

Hambaalee hinqaqqabatamne Itoophiyaan hambaalee addunyaa gootee galmeessifte keessaa Damaraan Masqalaa isa hangafaa ykn duraa ta'uus eeraniiru.

Damaraan Masqalaa hambaalee kiliyaa ta'ee 'UNESCO'tti erga galmaa'ee booda sadarkaa biyyaattis ta'e addunyaatti beekamti akka argatu taasisa. Ayyaanichi hambaalee kiliyaa addunyaa ta'ee galmaa'uun duudhaasaa eggateefi kunuunfamee dhaloota dhufutti akka darbuuf haala mijataa uumeera. Ummanni biyyattiis hambaalee waliin akka eeguufi kunuunsuufis carraa gaarii uuma. Akkasumas turistoota hawwachuun galii turizimiirraa argamu guddisuu keessattis gahee guddaa qaba jedhu.

Itoophiyaan hambaalee hinqaqqabatamne afur (Ayyaana Damaraa Masqalaa, Sirna Gadaa, Ayyaana Cuuphaafi Ayyaana Fiichee Cambalaallaa) 'UNESCO'tti kan galmeessifte ta'uu himanii, ayyaanonni kunneen addabaabayiitti waan kabajamaniifi turistoota hawwachuu, aadaa uffannaa keenya beeksisuu, tokkummaa, jaalalaafi wajjumaan keenya cimsuu keessatti gahee olaanaa kan qaban ta'uu eeru.

Damaraan Masqalaa waggaa waggaa jalqaba baatii waggaa (Fulbaana) kabajama. Ayyaanicha haala duudhaasaa eegeen waliin kabajuun gama hawaasummaa, dinagdeefi dippiloomaasiitiin faayidaa guddaa qaba.

Kana malees namoota hojii uffata aadaa hojjechuu, tajaajila adda addaafi hoteelaafi geejjibarratti bobba'aniifis carraa hojii yeroofi dhaabbii bal'aa uuma. Ayyaanichi turistoota hawwachuun guddina dinagdee biyyaa utuufi ogummaa hojii uffata aadaa fooyyessuu keessattis gahee guddaa kan qabu ta'uu eeru.

Ayyaanichi tokkummaa, gammachuufi nageenya hawaasaa mirkaneessuu keessattis gumaacha guddaa kan qabu ta'uu himanii, ayyaanichi duudhaasaa eegee dhalootaa dhalootatti akka darbu taasisuuf hojii hubannoo hawaasaa

ta'uu keenyaan gammachuu guddaan kan isaanitti dhaga'ame ta'uus himaniiru.

Sagantichi tajaajiloota biyyasaanii akka beeksisaniif carraa gaarii kan uumeef ta'uu himanii, Daandiiin Qilleensaa Ruwaandaas tajaajila gaarii kan kennu ta'uu eeraniiru. Bunni Itoophiyaa dhandhama gaarii kan qabuufi gabaarratti kan filatamu ta'uufi Bunni Ruwaandaas baay'ee gaarii ta'uu eeraniiru. Saganticharratti omishaalee hojii harkaa gara garaafi buna biyyasaanii agarsiisaaf kan dhiyeessan ta'uus dubbataniiru.

Ruwaandaatti bara 1994 duguuggaan sanyii raawwachuu himanii, gochi hamaan kun

gabbisuu ittifufiinsaann kennamuu akka qabus yaadachiisaniiru.

Barreessaa Olaanaa Gumii Dhaabbilee Amantii Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Pastar Taamiraat Abagaaz akka jedhanitti, masqalli ayyaana araaraa boqonnaa haaraatti nu ceesisuudha. Ummanni Itoophiyaa hundi ayyaanicha kan kiyya jedhee fudhachuurratti hanqinni waan mul'atuuf hojiiin hubannoo hawaasaa gabbisuu ittifufiinsaann kennamuu qaba.

Waggaa waggaaadhaan ji'a Fulbaana keessa ayyaanota addabaabayiitti kabajaman lama (Ayyaana damaraa masqalaafi Ayyaana Irreechaa) kabajna. Ayyaanonni kunneen waltajjii duudhaan jaalalaa, tokkummaafi nageenya keenya itti calaqqisan ta'uu qabu jedhu.

Hogganaa ittaanaan Damee Turizimii Biiroo Aadaa, Artiifi Turizimii Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Obbo Sarsta Firesibaat akka jedhanitti, Ayyaanni Damaraa Masqalaa 'UNESCO'tti erga galmaa'ee as baay'inni turistoota biyya alaa dabalaa jira.

Ayyaanichi madda galii turizimiirra argamu guddisuurra darbee aadaafi duudhaa keenya ummata addunyaatti beeksisuu keessatti gahee guddaa qaba. Hambaalee qaqqabataman yoo isaan caban arginee suphuu ni dandeenya; hambaalee kiliyaa keenya garuu akkasitti suphuu waan hindandeenyeef eeguufi kunuunsuurratti xiyyeeffannee hojjechuu qabna jedhu.

Hirmaattonni waltajjichaa yaada kennaniin akka jedhanitti, Ayyaanni Damaraa Masqalaa duudhaa amantiis akka gad hinlakkifneef xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qaba. Bu'aa dinagdee ayyaanichaa qofa yaaduudhaan duudhaa qabiyyee amantii ayyaanichi of keessaa qabu dagatamuu hinqabu.

Abbaan Taayitaa Hambaalee Itoophiyaas hambaalee qabeenya addunyaa ta'anii galmaa'an eeguufi kunuunsuu qofa osuu hintaane kanneen biroos qoratee galmeessisuufis kana caalaatti cimee hojjechuu akka qabu yaadachiisaniiru.

maqaa gaarii biyya keenyaa ija gaariin akka hin ilaalamne taasissee ture. Isa booda araari ta'ee nageenyis bu'ee tokkummaafi wajjumaan keenya dagaagee addunyaatti mul'achaa jira jedhu.

Itoophiyaan biyyoota Afrikaa keessaa aadaa uffannaafi buna danfisuutiin baay'ee kan beekamtu ta'uu himanii, ummanni Ruwaandaas akkasuma uffannaa aadaa ittiin beekamuufi iddoowwan hawwata turizimiif oolan adda adda qabaachuudhaanis kan beekamtu ta'uu dubbataniiru.

## Ayyaanota bara haaraa ...

Yoo Masqalaan godinichatti yeroo dheeraadhaaf kabajama. 'Ushaachaa' (mirga) jedhuun. Kallattii kaabaa godinicharraa ka'amee gara kutaa kibbaatti imaluun naannawa naannawatti walduraa duubaan kabajama. Ayyaanichi Fulbaana 16 kan kabajamu yoo ta'u, ji'ichi saba Hadiyyaa biratti akka fakkeenya ifaa, abdi, nagaa, jaalalaafi eebbaatti fudhatama.

Egaa, Itoophiyaatti garaagarummaan aadaafi amantii jiraatanis adda addummicha akka miidhaginaatti fudhachuun saboonni tokkummaafi wajjumaasaanii caalaatti cimsaafi bareechaa akkasumas madda turistii taasisaa jiru. Ayyaanota kanneeniifi kkf namuu ofitti fudhatee waliin nyaachuu, waliin dhuguufi waliin kabajuunis daran cimaa jira.

Biyyootni afaan, amantiifi aadaa garagaraa qaban garaagarummaa kana akka carraatti fayyadamuun industirii fiilmiin qabeenya biliyoonaan addunyaarraa guurrachaa jiraachuu eeranii, Itoophiyaattis aadaawwan adda adda ifatti baasuu maddiitti imaammata industirii fiilmiitiin utubanii hojiiitti hiikuuf caasaan diriiree sochiin taasisamaa jiraachuu Ministirri Aadaafi Ispoortii Obbo Qajeelaa Mardaasaa ibsaniiru.

Ministirichi sirna kabaja ayyaana Gifaataa Godina Walaayittaa, Magaalaa Walaayittaa Sooddootti adeemsifamerratti akka jedhanittis, ayyaanonni kunniin madda tokkummaa, araaraa, walii yaaduu, waliqooduu, aadaa qusannaafi nageenyaa ta'anii tajaajilaa jiru.

Ayyaana Yaahodee Godina Hadiyyaa, Magaalaa Hosaa'inaatti kabajameerrattis haloonni ammaa duudhaalee abbootiinsaa asiin gahan cimsuu akka qabuudha Obbo Qajeelaan kan dhaaman.

Ayyaana jijjiirraa bara haaraa saba Hadiyyaa, Yaahodeen har'a Magaalaa Hosaa'inaatti kabajamerratti kan argaman ministirichi Yaahodeen kennaa abbootiin keenya nuu tursiisaniidha jedhan.

Gama biraatiin duudhaalee Aadaa Guraagee hambaalee addunyaa Yuuneeskootti galmessisuuf hojjetamaa akka jiruudha Abbaan Taayitaa Hambaalee Itiyoophiyaa tibbana kan ibse.

Daarektarii ittaanaan abbaa taayitichaa Eliyaas Shikur, godinni Guraagee bakka argama qabeenyota Aadaa, uumamaafi namtolchee ta'uu

dubbataniiru.

Godinichatti duudhaaleen kocheen (kitfoon) itti qophaa'u, ijaarsa mana aadaa, akkaataa mandarri Guraagee (Jafoore) itti hojjetamu, sirna murtii aadaa (Qiccaafi) duudhaaleen biroo akka jiran dubbataniiru.

Godinni Guraagee duudhaalee aadaa Guraagee kanneen Yuuneeskootti akka galmaa'aniif abbaa taayitichaa gaaffii dhiheessuus ibsaniiru.

Abbaan taayitichaa gaafficha fudhatee duudhaaleen aadaa kunneen Yuuneeskootti akka galmaa'aniif xiyyeeffatee hojjechaa akka jiru odeeffannoon komunikeeshinii godinichaa nimul'isa.

*Ayyaana Gaarii!*





# BARIISAA



## Keeniyaa, Ugaandaafi Taanzaaniyaan waancaa Afrikaa wajjumaan qopheessu

### Riippoortara Gaazexichaatiin

Keeniyaa, Ugaandaafi Taanzaaniyaan Waancaa Afrikaa ALA bara 2027 wajjumaan akka qopheessaniif Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaatiin filataman.

Murtichi biyyoonni sadan dorgommicha wajjumaadhaan akka keessummeessaniif bu'uraalee misoomaafi hoteelota qophichaaf barbaachisan qabaachuusaanii ilaalamee kan darbe ta'uu konfedereeshinichi beeksiseera.

Erga Itoophiyaan ALA bara 1976 waancicha qopheessitee as biyyoonni Afrikaa bahaafi jiddugaleessaa shaampiyoonaa ardittii qopheessuuf otoo carraa hinargatiin turanii reefu yeroo jalqabaatiif haala kanaan argachuusaanii ibsameera.

Waancaan Afrikaa ,Afrikaa Bahaatti akka qophaa'uuf carraa kennuun qabeenya turizimii naannawichaafi dinagdee dadammaqsuuf kan gargaaru ta'uu Pirezidaantiin Ugaanda, Yuweerii Museveeniin dubbataniiru.

## Wajjumaan obbolummaafi hariiroo cimsuu keessatti gahee ispoortii

### Charinnat Hundeeffaatiin

**Finfinnee:** Biiron Dargaggootaafi Ispoortii Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Akkaadaamii Itiyoo Naashinaaliifi Kaampii Samarii Shaggar wajjin ta'uun hojiilee tola ooltummaa adda addaa dorgommiwwan ispoortii maatiiwwan ispoortii hirmaachise tibbana Magaalaa Hawaasaatti adeemsiseera.

Hojii hariiroo ummataa duudhaa tokkummaafi wajjumaan magaalota lamaanii cimsuuf adeemsifame kanarratti maatiiwwan ispoortii dabalatee dorgomtoonni Kaampii Samarii hirmaataniiru.

Turtii maatiiwwan ispoortii danuu hirmaachisuun geggeeffame kanaan hojiileen tola ooltummaa kanneen akka dhaabbii biqiltuu, imala lafoo akkasumas sagantaaleen wajjumaafi obbolummaa cimsan taphni kubbaa miilaa, maaddii



qooduufaan adeemsifamaniiru.

Waltajjicharratti ergaawwan tokkummaafi nagaa cimsan kan darban yoo ta'u, maatiiwwan ispoortii Magaalaa Hawaasaa milkaa'ina sagantichaatiif gumaachan galateffamaniiru.

Maatiiwwan ispoortii qophicharratti

hirmaatanis duudhaaleen akkanaa hariiroo ummataa jabeessan cimaniitti ittifufuu akka qaban eeranii, obbolummaa cimsuudhaan tokkummaa ispoortumma finiinsuun barbaachisaadha jechuusaanii odeeffannoon Biiron Dargaggootaafi Ispoortii Bulchiinsa Magaalaa Finfinneerraa argame ni ibsa.

## Waldaan Tekuwaandoo Gilobaalii Finfinnee hundeeffame

### Charinnat Hundeeffaatiin

**Finfinnee:** Yaa'ii hundeeffama Waldaan Tekuwaandoo Gilobaalii Finfinnee tibbana adeemsifamerratti pirezidaanti waldichaa dabalatee raawwachiistoonni hojii torba muudamaniiru.

Waldichi bara bajataa 2016tti abbootii murtiifi leenjistootaaf leenjii kennuuf, kilaboonni akka hundaa'aniif, ispoortessitoota bakka bu'aniifi dargaggoota guddatoo horachuuf, baay'ina kilabootaa dabaluu fi sadarkaa magaalatti dorgommiwwan adeemsisuurratti akkasumas waldicha gara federeeshiniitti guddisuuf xiyyeeffatee kan hojjetu ta'uu ittigaafatamaan waajjira waldichaa Obbo Saahilamkaa'el Birruu eeraniiru.



Waldaan Tekuwaandoo Gilobaalii kutaalee magaalotaa hundatti babal'isuufi hundeeffame kan hojjetamu ta'uu ibsanii, raawwachiistoonni hojii ittigaafatamummaa kennameef sirnaan akka bahataniif waamicha dhiyeessaniiru.

Waldichi bu'aa ba'ii baay'ee booda hundaa'uu kan eeran ammoo pirezidaanti waldichaa Saaboom Mahaammad Makiiti. Isaanis, ispoorticha guddisuuf akkasumas dargaggoota qaamaanis ta'e naamusaan qaruu xiyyeeffannoosaa ijoo taasifachuu ibsaniiru.

## “Shaampiyoonichaan bu'aa fooyya'aa fiduuf qophoofneerra”

### - Atileetota

### Riippoortara Gaazexichaatiin

**Finfinnee:** Fiigicha dirreerraa shaampiyoonaa addunyaa Laativiyaa, Riigaatti adeemsifamurratti bu'aa fooyya'aa argamsisuuf qophii ta'uu atileetonni Itoophiyaa shaampiyoonicharratti hirmaachuuf jedhan ibsan. Kanaafis qophii ga'aa fiduu isaan dandeessisu taasisuu dubbataniiru.

Garee atileetiksii Itoophiyaa shaampiyoonii boru adeemsifamurratti hirmaatuuf dheengadda geggeessaan taasifameera.

Saganticharratti Ministirri De'eetaan Ministeera Aadaafii Ispoortii Ambaasaaddar Masfin Charinnat Pirezidaantiin Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa Komishinara Gargaartuu Daraartuu Tulluu, koreen raawwachiistuu hojii federeeshinichaafi keessummoonni biroo waamichi taasifameef argamaniiru.

Atileetonni dorgommichaan bu'aa



fooyya'aa argachuufi alaabaa Itoophiyaa olkaasani tallisiisuuf cichanii morkachuu akka irraa eegamu minister de'eetichi hubachiisaniiru.

Komishinari Gargaartuu Daraartuu Tulluu, atileetonni haala qilleensaafi dhiibbaawwan biroo dandamatani dorgommichaan bu'aa fooyya'aa galmeessuuf hojjechuu qabu jetteetti. Federeeshinichis atileetotaaf

hordoffiifi deggarsa kan taasisuuf ta'uu mirkaneessiteetti.

Maaraatoonni walakkaa dubartootaarratti kan hirmaattu Tsiggee Gabrasalaamaa, atileetonni haala qilleensaa ho'aa bakka dorgommiin ittiadeemsifamuun walgitutti shaakalaa turuu eerteetti. Dorgommichaan bu'aa fooyya'aa fiduuf qophii ta'uushiis ibsiteetti.

Maaraatoonni walakkaa dhiirotaarratti

kan hirmaatu Atileet Jamaal Yimaar gamasaatiin, yeroon atileetonni itti walittiqabamaniifi qophii gabaabaa ta'us haala qilleensaa dandamachuun hojii gareetiin bu'aa gaarii galmeessisuuf qophaa'uu ibseera.

Leenjisaan atileetiksii maaraatoonni walakkaa Geetaamasaay Mollaas, atileetonni torban sadiif qophaa'uusaaniifi iddoowwan haala qilleensaa ho'aa qabanitti shaakalaa turuu eeruusaa TOIn gabaaseera.

Shaampiyoonaan fiigicha dirreerraa addunyaa inni jalqabaa boru, Fulbaana 20 bara 2016 Laativiyaa, Riigaatti kan adeemsifamu yoo tau, atileetonni 347 biyyoota 57 irraa babahan ni hirmaatu.

Maayiliin tokko, kiiloo meetirri shaniifi maaraatoonni walakkaan fageenya dorgommii korniyaawwan lamaaninuu ittiin adeemsifamu yoo ta'u, Itoophiyaan shaampiyoonicharratti dubartoota torbaafi dhiirota jahaan hirmaatti.





*Ayyaana*  
**Masqalaa Gaarii!**

**Firehiwoot Taammiruu**  
Hoji-gaggeessituu Ol'aantuu

Odeeffannoo dabalataaf [www.ethiotelecom.et](http://www.ethiotelecom.et) daawwadhaa

